


# ABDII AKKA HIN KUTANNE ABDII KUTADHU

## Boriin Koo Borii Kooti!

MIRATUU SHAANQOO GIDDII

© MIRATUU SHAANQOO GIDDII

All Rights Reserved to Mihretu Shanko Gidi

Mirgi barreessaa guutummaatti seeraan kan eegamedha.

Maxxansa Jalqabaa, Bara 2021

# KA'UMSA

*Addunyaa salphinaa fi ulfina adda baasuun ulfaataa ta'e keessa waan jirruuf, tasgabbiin yaadaa fi gochaa baay'ee barbaachisaadha. Bara hamaa keessatti baay'ee of dhaggeeffachuun ogummaadha jedheen yaada. Akkuma barbaachisummaa isaattis dubbachuun immoo hiika fida, beekumsas.*

*Addunyaa akka gabaa iyyituu arguun baay'ee nama dadhabsiisa. Gabaa keessaa eenyu akka iyyu hin beektu, garuu iyya namootaaf wal hin dhageessu. Gabaan kaayyoof walitti qabamti. Sanuma keessaa garuu kan kaayyoo hin qabnes baay'etu jira. Tasgabbii yaadaan addunyaa injifachuun barbaachiisadha.*

*Gabaa bittaa fi gurgurtaa keessaa baanee, gabaa yaadaa dhaqnee yoo daldala geggeessine wayya.*

*Karaa ati addunyaa ilaaltuu fi karaa addunyaan si ilaaltu walitti firoomsuun ni ulfata. Garuu inni sirriin karaa ati ittiin addunyaa ilaaltutu waan hundumaa murteessa jedheen yaada.*

*Tasgabbiidhaan ofiikee wajjin dubbadhu. Addunyaan kun siif firas miti diinas miti. Addunyaa siin murtooftuudha malee addunyaa si murteessitu ta'uu hin qabu.*

*Murtoon ati ofirratti murteessitu si ceesisa yookiin kan biroo sirraan ceessisa! Jabaadhuu of jabeessi, waan gaarii hojjedhu, karoorsi, murteessi, gamteessi, qindeessi, kurfeessi, jabeessi, dhalootaaf*

*waan gaarii yaadi akkasumas sammuu nagaa jiraadhu. Of hin jibbiin, isas/ishees/ hin jibbiin! Har'i kee kaleessaa fi boriif riqicha giddu-galeessaati. Garuu borii kee baay'ee jaalladhu. Boriin kee qabeenya har'a bira hin ga'amne ta'ullee, garuu qabeenya abdatamuudha.*

*Kun ka'umsa kitaabicha ga'umsa isaa irratti akka walarginus abdii guutuun qaba.*

## ABDII AKKAN HIN KUTANNE ABDII KUTADHU!

## KA'UMSA

Galata ........................................................................ ii
KA'UMSA........................................................................ iiiii
ABDII AKKAN HIN KUTANNE ABDII KUTADHU!.....v
BOQONNAA -1 ........................................................................ 1
YOOM DUUTAA? DAFII DU'I!........................................ 1
BOQONNAA-2........................................................................ 7
OFIIKEE WAJJIN WALITTI ARAARAMI! ..................... 7
BOQONNAA- 3........................................................................ 12
OFIIKEE HIN DAGATIN!........................................ 12
BOQONNAA-4........................................................................ 17
BORIIF JEDHEE! ........................................................................ 17
BOQONNAA -5........................................................................ 22
KABAJA KIRAAYII! ........................................................................ 22
BOQONNAA -6........................................................................ 27
GATII KEE FI ABJUU KEE ........................................ 27
BOQONNAA-7 ........................................................................ 34
ABDII AKKA HIN KUTANNE ABDII KUTADHU!......34
BOQONNAA-8........................................................................ 38
ITTI GAAFATAMUMMAA FI ITTII FAGAATAMUMMAA ........................................ 38
BOQONNAA-9........................................................................ 44
ADARAA NAMA TOKKOTTILLEE HIN DUBBATIN .44
BOQONNAA-10 ........................................................................ 48

DHUGAA KEE FI DHUGAA KOO ............................48
BOQONNAA-11 ............................................56
MAALIIF BADDEE? WANTI HAARAAN MAALTU JIRAA? ............................................56
BOQONNAA-12 ............................................611
ADDUNYAA ABBAA HIN QABNE! ............................61
BOQONNAA-13 ............................................67
ULAAGAA ULAAGAA MALEE BA'E............................67
BOQONNAA-14 ............................................722
JIRAACHUUTTI MAALIIF HIN JIRAANNEE?............72
BOQONNAA-15 ............................................77
WAGGAA KUDHAN BOODA MAAL TAATAA?.....77
BOQONNAA-16 ............................................844
DHAGA'UU FI DHAGA'AMUU!............................844
BOQONNAA-17 ............................................91
HUNDA GAMMACHIIS TA'UU HIN YAALINI!..........91
BOQONNAA 18 ............................................96
MAALIIF MAALIIF MAALIIFIIN GAAFATEE? ...........96

## BOOQONNAA -1

## YOOM DUUTAA? DAFII DU'I!

*Yoo waan qajeelaa hojjechuu hin dandeenye dafii du'i. Namaaf wanta gaarii yaaduun sitti ulfata yoo ta'e dafii maraadhu. Ija gaarummaan nama ilaaluu hin dandeessu yoo ta'e dafii jaami. Miilli kee iddoo gaariitti nama hin geessu yoo ta'e dafii naafadhu. Qarshiin kee dhalootaa fi biyya hin oolchu yoo ta'e dafii deegi. Beekumsi kee dhaloota ija hin qaru yoo ta'e dafii doofi. Walumaa galatti wanta gaarii hojjechuun sirraa fagaateera taanaan dafii addunyaa kana gad-dhiisii godaani. Walii-galtee dachee kanaa wajjin qabdu dafii addaan kutiitii du'i!*

*Yoom Duutaa? Dafii Du'i! Maaliif nu ariifachiiftaa du'aaf? Sababni isaa:*

Du'i gadheen du'a osoo waan jallaa dalagaani kabajamaniidha. Du'i gadheen du'a osoo nama

miidhanii ulfina argataniidha. Du'i gadheen du'a osoo hatanii guddinni kan biroon dabalamuufidha. Du'i gadheen warra si oolchuuf hojjatan osoo hin taanee, warra si okkolchuuf hojjetaniidha. Du'i gadheen ofii saamee nyaatee dhaloota qulqulluu summii nyaachiisuudha.

Kanaafuu, jireenya akkasii keessaa dafii du'i.

Namoonni akkasii biyya tokkoof Vaayirasii daddarbaadha. Amalli isaanii dhaloota baay'ee balleessa. Kanaafuu dafanii du'uu qabu.

Isaaniif jireenyi guddaan kan argamu nama miidhuu keessaati malee nama hirphuu keessaa miti.

Du'i lama hin jiru. Du'uuf jiraachuun garaagarummaa tokko qofa qabu. Du'i sirriin jiraachuu jedhama. Jireenyi hiika hin qabne immoo du'a jedhama. Maalif duuta jechuun Jiraachuun kee maaliif hin duutu jechuudha.

sitti hin mi'oofne yoo ta'e, du'uun kee baay'ee filatamaadha.

Namni tokko tokko osoo jiraachuu qabuu, jiraachuu qaqqabuuf fiigaa jira. Guyyaan du'a kee kan si gaafatamuuf, guyyoonni ati jiraachaa jirtus du'aan wal hin caaluu waan ta'eefi. Jireenyi wal xaxaadha. Abbaatu qajeelchifatee itti fayyadama.

Waan ati duuteef gadduu hin qabnu. Bu'aa ati addunyaaf buusuu qabdu waan dhabneef gaddina malee. Maaliif duuta namaan jechuun maaliif jiraachaa turtee jechuudha.

Jireenyi jiraachuu irra caala. Jiraachuun abbaadhuma itti jiraatu fakkaata. Jireenyi garuu ulaagaa qaba. Jireenyi hundumtuu jireenya miti. Guyyaa du'a keen si gaafachaa jira. Sababni isaas du'a malee jireenya hiika hin qabneettii kan nama furu hin jiru. Jireenya hiika hin

qabnettii kan nama furu du'a dafanii du'aniidha. Bu'aa osoo buusanii kan du'anis baay'eetu jiru. Bu'aa osoo hin buusin immoo kan lafa irra guutanis baay'eetu jiru. Furmaanni nama bu'aa hin buusnee dafee du'uudha.

Akkamitti guyyaa du'a koo na gaafatta jechuu dandeessa. Osoo ati dhaabbiitti awwaalamtuu akkamittan si gaafachuu dhiisa?

***Jirraa fi hin jirreen hin jirruuf jirraa caalti.***

Jira, garuu hin jiru jechuun du'ee hojiin isaa jiraachaa jira jechuu ni caala. Ammayyuu hojiin isaa lubbuu qaba jechuutu caala. Ammayyuu jiraadhu. Ani jiraachuu keen barbaada. Garuu kaayyoo keetu yoom duuta jedhee akka ani si gaafadhu na taasise. Yoom duutaan yoomiif duuta jechuudha.

Namoonni tokko tokko lubbuun har'a du'anii galgaluma sana namoonni waa'ee isaa irraanfatu. Yoo baay'ate hanga guyyaa sagaliitti

isa yaadatu. Hanga guyyaa sagaliitti iyyuu kafanni isaa waan fannifamtuuf isa ilaalaa yaadatu. Kafanaan yaadatamuu Rabbii si haa oolchu. Tokko tokko immoo suuraa (footoo) isaa ilaalaa yaadatu malee hojii dhalootaan hin yaadatamu. Kunis sanuma! Guyyaa dhaloota kee irra guyyaan du'a kee hiika qabaachuun dirqama. Gaafa dhalatte of hin beektu. Gaafa duutes of hin beektu jechuun immoo baga duute jechuudha.

Jireenya kee tasgabbiin ilaali! Du'a dafanii du'an keessaa ba'iitii du'a raawwii hojii qabuun yaadatami. Jabaadhu! Har'uma irraa eegalitii du'a akkamii du'uu akka qabdu itti yaadi. Yoo waan gaarii hojjechuu fi namaaf waan gaarii yaaduu hin dandeessu ta'e immoo sa'a 24 turuun kee iyyuu dhalootaaf summiidha. Dafii du'i!

Yoom Duutaa? Dafii Du'i jechuun koo maaliif hin duutuu maal eegda jechuu kooti! Yoo

dammaqxee waan gaarii hojjechuu fi namaaf waan gaarii yaaaduu jalqabde immoo dhaloonni maaloo nuuf jiraadhu siin jedhu! Anis kanan Ofiikoo fi Siif hawwa!***Yoo dammaqxe immoo daftee du'uu keessaa daftee jiraachuutti darbuu qabda!***

## BOQONNAA-2

## OFIIKEE WAJJIN WALITTI ARAARAMII

Waraanni meeshaa ammayyaa'aadhaan geggeeffame namoota baay'ee fiixaa jiru, waraana kanneen akka niwukilar boombiitiin biyyoota gurguddaa gidduutti geggeeffamaa jiru osoo hin taanee, waraana ***SI'I FI YAADA*** kee gidduutti geggeeffamaa jiruudha jedheen yaada. Waraanni kun waraana beekamaa ta'ee, midiyaaleen hin gabaasan, guyyaa inni xumura argatus hin beekamu, biyyoonni addunyaa gidduu seenanii araarsuu hin danda'an.

Waraanni kun waraana ATI OFII KEE WALIIN taasiftuudha. Eenyu akka injifatus hin beekamu. Lollichis hanga gaafa ati addunyaa kanarraa duututti hin dhaabbatu. Sababa waraana kanaan wantoonni baay'een ni badu. Waraanni si keessatti eegale kun biyyallee balleessuu ni

danda'a. Maatiikee fi mul'ata kees waraana kanaan dhabuu ni dandeessa.

Ganamaa hanga galgalaatti waraana kanarraa bilisa ta'uu hin dandeessu. Waraanni kun guyyaa guutuu, torban guutuu, ji'a guutuu fi waggaa guutuu kan taasifamuudha. Kan injifatus kan injifatamus namuma tokko.

Waraanni kun geggeessitoota loltootaa fi loltoota kutaa kutaatti qoqqoodaman baay'ee qaba. Rasaasni waraana kanarratti taasifamus hin dhumu. Innis rasaasa **Yaadaa** jedhama. Rasaasni kun gaafa ati duutu qofa xumura argata.

Furmaanni waraana kanaa jira. Waraana kana namni biroo gidduu si seenee dhaabsisuu hin danda'u. Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanis gidduu seenee sirraa dhaabuu hin danda'u. Garuu ATI WARAANA KANA DHAABUU NI DANDEESSA!

Dhoksaan ittiin waraana kana injifattu tokko jira. Dhoksaan kunis ***SI MATAA KEETI.*** Maddi rakkinaas ta'ee maddi furmaataa nu mataa keenya akka ta'e beeekuu qabna.

Ofii keetti araaramuu qabda. Waliif galuu qabda. Yaada kee wajjin walitti araaramuuf, qaama sadaffaa hin eeggatin. Tarsiimoo isaa qopheessitii dafii ofii keetti araarami.

Ofii kee jalaa eessatti baqachuu dandeessaa? Gonkumaa hin dandeessu! Biyya gad dhiistee baqachuu ni dandeessa. Waan siif hin taanee dhiistee bakka jijjiirachuu ni dandeessa. Garuu yaada kee jalaa baqachuu hin dandeessu.

*"Guyyaa tokko namtichi tokko garaan isaa baay'ee gadduu isaarraa kan ka'e gara iddoo tikeetiin xiyyaaraa argamu dhaqee gaaffii tokko akkas jechuun gaafate, 'tikeetii fagootti na geessuu naaf kuti jedhee hojjetaa tikeeti kutu gaafate', innis biyya kamiin deemta jedhee*

*gaafate. Namtichis akkas jedhe, ani eessayyuu yoo ta'ee nan deema garuu yaada koo irraa lafan adda bahuu danda'u ta'uu qaba jedhe. Ogeessi tikeetii kutu sunis baay'ee raajeffachuun akkas jedhe, 'dhiifama imalli yaada keen adda si baasuu addunyaa kanarra hin jiru, eessa dhaqxuyyuu yaaduma kee waliin deemta. Kanaaf tikeetii akkasii siif kutuu hin danda'u jedhe jedhama."*

Yaada kee irraa adda ba'uu waan hin dandeenyeef dafii itti araarami! Namoonni baay'een namoota wajjin wal-dhabuun kan isaaniif salphatuuf, lolli cimaan yaada isaanii keessa waan jiruufidha. Dafii Araarami! Ofii kee wajjin diina hin ta'iin.

Yaada keerraa namni adda si baasuu danda'u nama tokko qofa. Innis SI QOFA! Walitti Araarami! Nama isin araarsu hin eegin!

Diina ofitti hin ta'in! Gaafa diina ofitti taatu, ofiif ta'uu hin dandeessu akkasumas namaafis ta'uu hin dandeessu.

***Rakkoon namoota biroo wajjin qabu caalaa rakkoo ani ofiikoo wajjin qabutu baay'ee caala jechi jedhamu qoricha sirriidha.***

***Ofii Kee Wajjin Hin Araaramtu Yoo Ta'e Dafii Du'i. Jaarsa Araaraa hin eegin. Ofiikee wajjiin taa'iiti lafa namni hin jirretti walitti araarami!***

***Waraana ofii kee wajjin qabdu hin injifattu yoo ta'e, waraana namootaa wajjin qabdu yoo injifattes bu'aa hin qabu.***

***Ofiikee wajjin araarami, laggeen hedduu ce'uu dandeessaati! Ofiikee wajjin hin araaramtuu yoo ta'e immoo lafa teessetti hafuu dandeessaati!***

***Dafii har'a ofiikeetti araarami! Jabaadhu ni dandeessaati!***

## BOQONNAA- 3

## OFIIKEE HIN DAGATINI

Jaarraa 21^ffaa keessatti namni ofii isaa darbatee gateera. Ofiif iddoo hin kennu. Eessa akka jiru dagateera. Fiiguu malee bu'aa fiigichaa arguun dagatameera. Deemuu malee galuun hin yaadamu. Nyaachuu malee gabbachuun hin jiru. Barachuu malee beekumsi hin yaadamu. Sadarkaa barnoota dabaluu malee sadarkaa yaadaa dabaluun cubbuu ta'eera. Of gowwoomsuun fayyadama guddaa ta'ee lakka'ameera.

Dhaloota of dhabeef deebiin isaa tasgabbii jireenyaati. Kana jechuun immoo nama hundumaatu of dagate jechuu miti. Muraasni barbaadanii of argataniiru. Garuu baay'oliin keenya of dagannee, addunyaan qilleensa hin qabamne nutti taateetti. Qilleensi hin qabamu. Garuu jira! Jireenyi namoota baay'ee hin

mul'atu garuu ganamaa hanga galgalaatti ni fiigu.

***Of dhabuun of dhaabuu hin qabu! Of dagachuun mul'ata karaatti hambisa.***

Namni nama guutuu ta'ee osoo jiruu maaliif dirree nama biraa fakkaachuu keessa taphataa oola? Nama ofiisaa barbaadee argateef addunyaan eessa iyyuu hin jirtu. Addunyaan sammuu isaa keessa jirti. Addunyaa injifachuuf, of argachuun meeshaa jalqabaati. Siyaasni siyaasa caaluu of argachuudha.

Namni of-dhabe nama jireenya guyyaa fi torbanii qofa jiraatudha. Wanti hundumtuu isaaf sirriidha. Wanti hundumtuu isaaf jal'aadhas. Addunyaa beekuuf addunyaa biraa sammuu kee keessaa qabaachuun dirqama. Tulluu cimaa tokko irra ba'uuf, sammuu kee keessatti amantii tulluu sana caalu qabaachuun dirqama.

Yaada keen of dhabdeetta yoo taate, yeroo hundumaa fiigicha xumura hin qabne fiigaa duuta. Tasgabbii godhadhu addunyaan sammuu kee keessa jirtiitii. Addunyaan laga gama hin jirtu.

***Biyya addunyaa naanna'uu kee caalaa addunyaa sammuu kee keessa naanneessuutu caala. Baay'oliin addunyaa naanna'anii ofii isaanii naanna'uu dadhabaniiru! Akkas hin ta'iin!***

Yoo ati jireenya keef tasgabbii kennite malee addunyaan kun akka afuuffee qilleensarra deemuu si gooti. Galma kee akka ati hin geenye si taasisa. Sodaan jireenyaa gamoo sirratti ijaarachuu hin qabu. Sodaa irratti gamoo ijaaruu qabda. Maalan ta'a jettee yaadda'uu dhiiftee, wanta taatu ofuma kee yeroo fudhattee yaaduun dursaa waan hundumaati. Addunyaan amma keessa jirru kun waa'ee kee tasgabbooftee akka

hin yaadneef, waraana sodaa fi yaaddoon durfamu sitti bobbaasee jira. Hin sodaatin; tulluun jireenyaa tasgabbii fi kaayyoon gatii baasuudhaan darbama. Abdii hin kutatin sodaatu si weeraraa. Booda deebi'uuf hin carraqiin, galmi kee si qofa eegaa jiraati.

Eenyummaa keessa keetii gamoo abdiin guute irraa ijaari. Sodaa fi maalan ta'aan si dhaaluu hin qabu. Yoo sodaan si dhaale, kaayyoon kee abbaa dhaba.

***Tasgabbaa'i malee qilleensi addunyaa kanaa baay'olii fuudhee lafa inni geesse barbaadnee dhabneeti.*** Maaloo akkamitti, maaliif, eenyuu wajjin, eessatti, yoom fi karaa kamiin waa hojjedhu jedhi waanuma argitee hin dubbatiin, dubbataniif hin dhaga'iin, sii kennaniif hin nyaatiin, affeeramteef hin deemin, si jibbaniif hin gaddin, fudhatama argatteef hin utalin, booddee waan hafteef hin boo'in, kabajamteef

ana malee namni hin jiru hin jedhiin, baratteef barnoota waan fixxe sitti hin fakkaatiin… Garuu kana humdumaa madaalitii ofii kee adeemsisi. Of hin dagatiin! Of gegggeessuu kee hin dagatiin. Karaa hundumaa of fooyyessuuf gad hin taa'in; namoota biroof, haala siif mijatee fi hin mijanne keessattillee waan gaarii yaaduu hin dhiisiin!

## Adaraa Of Hin Dagatin!

# BOQONNAA-4

## BORIIF JEDHEE!

Boriif jiraachuun horiif jiraachuu caala. Qabeenyi qabeenya caalu **BOR** jedhama. Mammaksii Oromoo akkas jedha, "Bor hin beekneen qoda-bukoon ishee sagal" jedha. Rabbi har'umee ta'uu irraa si haa oolchu.

Namoonni har'a irra darbanii ilaaluu hin dandeenye, gooftaan isaanii waanuma har'ati. Baay'een dhaloota addunyaa kanaa har'a malee bor arguun itti ulfaata. Wanti hundumtuu har'uma. Har'umee jechuun guyyaa har'aa qofaaf kan jiraatu jechuudha. ***Har'umeedhaaf har'uma dhumeef jechuudha.***

Namoonni har'a qofaaf jiraatan mallattoowwan armaan gaditiin beekamu.

1. *Of-jaallatoo*
2. *Nama biroof bakka hin qaban*
3. *Waan xiqqoodhaan quufu!*

4. *Sobaa fi dhugaan isaaniif adda addummaa hin qabu*
5. *Waan argeef jiraata malee waa arguuf hin jiraatu*

Nama mallattoon armaan olii sirraa mul'atu yoo taate, dafii du'i yookiin dafii namummaatti deebi'i. Boriif jiraachuun horiif jiraachuurra baay'ee caala. Namoonni boriif jiraatan yeroo baay'ee gatii baasuutu itti baay'ata. Gatii baastee nama borii ta'uu siif wayya gatiin siif kaffalamee nama har'aa qofa ta'uu kee irra.

Boriif jedhamee laga rakkinaa fi dukkana baay'ee darbuun dansa. Boriif jedhamee arraba dandamachuun dirqama kaayyooti. Boriikoo baay'een jaalladha. Boriinkoo miiltoo kooti. Boriinkoo ija ani ittiin mul'ata isa ulfinaa sana arguudha. Boriin koo tulluu ani irra dhaabbadhee warra har'umee gad ittiin ilaaludha. Boriinkoo addunyaaf na mul'isa.

Boriinkoo yaadatamuu koo fidee naaf dhufa. Boriinkoo ija dhaloota baay'ee banuuf jira.

**Boriin koo borii kooti!!!!**

Boriif jedhee har'a akkan arge hin jiraadhu. Waan argineef hin gugguufnu. Argachuuf dhabuun, nyaachuuf beela'uun, kennuuf fudhachuun, jaallatamuuf jibbamuun, kabajamuuf salphachuun boriikoo irraa na hin hanqisan.

Boriikeef jedhii jiraadhu malee horiikeef jettee hin jiraatin. Ija waan qabduuf argita miti, arguu waan qabduuf argita malee.

Boriikeef jedhii jiraadhu. Boriin kee siif jedhee jiraataatii. Namoota muraasatu borii isaaniif jiraata. Baay'oolii jalaa boriin isaanii dhokatee har'aan isaanii itti bookkisaa jira.

Boriin kee eenyuun fakkaatti? Namni hubataa fi ogeessi nama har'a irra darbee bor arguu danda'uudha. Har'aan kee guddaa ta'ee boriikee

akka hin argine si taasiseera yoo ta'e, ati kaayyoo kee har'uma goolabde jechuudha.

Carraan jiraachuu namoota danuuf coomaaf jiraachuu ta'eera!

Boriikee waanan beektuuf, har'aa dukkana fakkaattu keessan jiraatta ta'a. Akka bari'u waanan beektuuf, har'a dukkana baay'een marfamtee jirta ta'a. Bor har'a osoo ta'ee, jiraachuun nu hin hawwisiisu ture. Har'i namoota har'umeedhaaf taati malee namoota boriif jiraataniif hin taatu.

Boriikoo caalaa firri natti dhiyaatu hin jiru. Hiriyaan hiriyaa caalu boriikooti fi Waaqakooti. Salphina ulfina fakkaatu baay'ee keessa kan darbituuf, boriikeetu ulfina fidee dhufaa jira jetteeti. Shakkii hin qabu.

Ati fi boriinkee yeroo gabaabaa keessatti wal-argitu. Gaafa sana dhalootaaf bu'aa, Waaqaaf galatatu ta'a. Yoom dhugoomaa kun? **BOR**!

Bor yoomi? Bor guyyaa salphinaa fi dukkana booda dhufuudha. Hanga gaafa addunyaa kanarraa boqottuutti borii baay'ee qabda. Kanaafuu, abdii hin kutatin!!!

Iji kee banamee boriikee yoo argeera ta'e, jibbamuu, jaallatamuu yeroof kabajamuu hundumaa irra darbii deemi. Musee (Muusaa) namichi jedhamu seenaa Israa'eelotaa keessatti boriif jedhee ulfina yeroo gabaabaa akka tuffate seenaan dhugaa nutti hima.

Jibbamuun yeroo fi jaallatamuun yeroo akka fiixeensa ganamaati. Itti hin hirkatin. Dhaloota boriif jedhee jiraatu malee dhaloota horiif jedhee jiraatu hin ta'in!!!

Boriinkee siif waanuma hundumaa keeti!

***Boriif Jedhee!!***

## BOOONNAA -5

## KABAJA KIRAAYIII!

***Boriikeef Jedhiitii Kabaja Daftee Darbitu Hin Kireeffatiin!***

Kabaja kiraayiitiin of hin gurguriin. Dhaloota kabaja kiraayitiin of gurgurtee wajjinis hin firoomiin. Dhaloonni akkasii akka fiixeensa ganamaati. Ganama argamtee guyyaa baddiitii. Dhaloonni kabaja kiraayiitiin of mul'isu, osoo of mul'istee hin raawwatin irraa fudhatamaatii.

Kabajni biyya lafaa akka sirna alaabaati. Ganama baay'ooliitu sirna kabajaan ol baasa. Galgala lafa namoonni sun hin jirretti eegduun/Waardiyyaan/qofaa isaa gad buusa. Kabajni namoota baay'ee akkasuma. Osoo akka isaan dhaqan hin argiin, galuu isaanii dhageenya.

Rabbi kabaja kiraayiitiin si hin kabajiin. Namootni baay'een namoota kabaja kireeffatanii

lafa dhiitanidha. Xiqqoo turee osoo lafti isaan dhiituu argine! Uggum Jedhe Oromoon!

Kabajaa kiraayiin eessallee hin geessu. Kabaja kiraaffattee jiraatta taanaan, guyyaa tokko kabajni sun of keessaa baastee si geggeessuun ishee hin oolu. Ofitti amani jiraadhu. Hanguma geessu beekuu fi lafa geessu beekuun ogummaa ogummaa caaluudha. Na ga'a jechuus bari! Na ga'a jechuun tasgabbii jireenyaa siif kennaati.

Kabajni dhala namaaf wantoota bu'uuraa keessaa isa tokkoodha. Kabajni namaaf akka malu eenyullee ni amana. Garuu karaa gabaabaa fi siif hin mallee kabaja barbaaduun, dhumni ishee salphina seenaa keessatti galma'uu galmeessifta. Sitti haa hafuutii kabaja hin kireeffatin! Guyyaa dhaquu kee osoo hin dhaga'in, guyyaa galuu kee arguun namatti hin toluutii.

Kabajni namni namaa ergisuus yookiin kennus yeroo baay'ee haala irratti kan hunda'eedha. Kaleessa baay'ee kabajamanii har'a baay'ee kan kabaja dhaban argineerra. Kabaja jechuun namni kennee kan sirraa fudhatu jechuu miti. Siif liqeessee kan liqii si gaafatus miti. Siif ergisee naaf deebisi kan siin jedhus miti.

Kabaja jechuun kan ati akka dhala namaatti Waaqayyo akka bifa isaa fi fakkeenya isaatti si uumuun argatteedha. Dabalatanis, kan ati maaliif akka jiraattuu fi maal hojjettee darbuu akka qabdu beekuun waan qabatamaa hojjechuun, hojiin kee siif kennuu fi gumaachakee dhaloonni fayyadamuun argamuudha jedheen yaada.

Kanaafuu, kabaja hin kireessin akkasumas hin kireeffatin! Qabeenya bor baduu fi dhufuuf jettee, ol jettee, beekamtii bor baduu fi dhufuuf jettee, ol

ba'uu fi gad bu'uu bor dhufuuf jettee kabaja hin kireeffatin.

Hin yaada'in yoo bari'e ni dhi'a, yoo dhie'es ni bar'a. Lachuu isaayyuu hin oolu. Maaliif yoo jette lachuun isaayyuu harka kee keessa hin jiru. Jiraachuus hin danda'u. Dhaloota wantoota xiqqoon kabaja kiraayii barbaaduu keessaa dafii ba'i. Eessayyuu ga'uu waan dandeessu miti waan ta'eef. Of gaafadhu! Balbala ofitti cufitii of gaafadhu. Tulluu barbaadi irratti ol ba'iitii wantoota keessa ooltu baay'ee gad ilaali. Dubbii bitaa fi mirgaa caalaa kan si baasu isa si keessaa akka ta'e amani.

Adaraa, kabaja kiraayiitiin baay'eetu of gowwomse. Kabajni kiraayii ol adeemaa dhalootaa baay'ee karaatti hambifte. Yoo kabaja kiraayii keessa jirta ta'ee dafii godoo kabajaa kee ishee ulfinaa fi tasgabbii sammuu qabdutti

deebi'i. Gaafa sana mul'ata kee tokko jettee irratti hojjechuu jalqabdaatii!

***Kabaja kiraayii keessatti hafuu kee irra mana kiraayii keessatti hafuu kee wayya!***

# BOQONNAA -6

## GATII KEE FI ABJUU KEE

Dargaggeessi umrii 17 Yooseef (Yuusuuf) jedhamu bartokko obboloonni isaa abjuu isaa dhaga'anii qarshii 20 tti (8 Ounces) gurguran. Dargaggeessi kun hin hanne akkasumas yakka ta'e hin dalagne. Kan inni gurgurameef gatii abjuu isaati. Namoonni waan baay'eef wal jibbuu danda'u. Ani garuu waa'ee jibbamuu abjuuti kan ani dubbataa jiru. Obboleessi obboleessa kan gurguruuf maaliif? Atis kan gurguramaa jirtuuf maaliif? Maaliif si jibbu baay'oliin? Maaliif si ajjeessuu barbaaduu?

Deebiin isaa yoo abjuu sirrii qabatte abjuu keef akka ta'e hin dagatiin!

Gatiin abjuu meeqaa? Gatiin abjuu du'as ta'uu danda'a. Hanga du'aatti qophaa'i. Abjuu du'atti dabarsee si kennus qabaachuu dandeessa waan ta'eef.

Obboloonnii Yooseef (Yusuuf) isa gurguruu kan danda'aniif borii isaa sodaatan malee waan biroo miti. Baay'ee namatti tola. Borii keef gurguramuun carra qabeessummaadha. Boriif dhitamuun kabajamuudha.

Warri si gurguran borii kee sodaatan waan ta'eef, yoo jabaattee abjuu kee dhugoomsite inni isaan sodaatan hin ooluuf.

**Abjuun hin hiikamne, abjuu hin abjo'atamneen wal-hin caalu!**

Namni baay'een abjuu akka qabu dubbata. Osoo wal-irraa hin kutiin dubbata. Waa'ee abjuu irra deddeebi'anii dubbachuun takkaa abjuu dhugoomsee hin beeku. Haalli addunyaan kun mul'isaa jirtu baay'een abjuu dhalootaa gowwoomsa malee dhugoomsee hin beeku.

Abjuu keef itti gaafatamummaa fi abbummaa fudhachuu kan qabu si qofa. Jireenya diraamaa dhumaa fi hiika hin qabnee hin taphatin. Abjuun

hiika hin qabne jechuun abjuu hiikamuu hin dandeenye jechuu miti. Hiikamuu ni danda'a. Garuu nuti hiika itti hin kennine ta'a malee. Abjuu keef jalqaba irratti hiika kan barbaadu si qofa.

Namoota abjuu qaban jedhan bakka shanitti qooduuf yaaleen jira. Kun hubannoo mataa kootiti.

1. Warra abjuu isaanii karaatti Cabsan
2. Warra abjuu isaanii Kireessan
3. Warra abjuu isaanii Dagatan
4. Warra abjuu isaanii Gurguran
5. Warra abjuu isaanii Hiikuudhaan Dhugoomsan!

Kanneen armaan olii keessaa kan baay'ee gatii nama kaffalchiisu garuu dhalootaaf furmaata ta'u, warra abjuu isaanii hiikudhaan dhugoomsaniidha.

Fiixaan ba'umsa kee kan murteessu, abjuu keetti hiika kennuudhaani. Abjuu kee hiikuu dandeenyaan fiixaan ba'umsi siif karaa irra bu'eera jechuudha.

Sababni jireenya namootaa ba'uufi galuun isaa hiika dhabeef, abjuu isaanitti hiika kennuu dhabuudhaani!

Dafii Abjuu keetti hiika kenni. Gatii baay'ee si kaffalchiisuu ni danda'a. Garuu carraan ati qabdu tokko abjuuf hiika isaa barbaaduudha. Abjuun ani jechaa jiru isa halkan hirriba keessa argitan miti. Inni ani dubbachaa jiru abjuu hiika jireenyaati malee isa hirriba keessa argan miti.

Gatiin kee meeqa yoo jedhan meeqa jettee deebistaa? Akkamittis gatii kee tilmaamtee dubbachuu dandeessaa? Mee gaaffilee kanneen sirriitti ilaali.

- Gatiin kee hanga barnoota keetiitii?
- Gatiin kee hanga miindaa keetiitii?

- Gatiin kee hanga mana jireenyaa keetiitii?
- Gatiin kee hanga qabeenya qarshii kee baankiitti kuufameetii?
- Gatiin kee hanga teessoo aangoo keetii?
- Gatiin kee hanga lafa ati jiruutiitii (Baadiyaa yookiin magaalaa, biyya Alaa yookiin Keessa)?
- Gatiin kee hanga namoonni waa'ee kee sitti himaniidha?
- Gatiin kee hanga baay'ina hiriyyoota keetitii?
- Gatiin kee hanguma har'a irra jirtuudha?
- Gatiin kee hanguma duuka buutota keetitii?
- Gatiin kee hanguma lammii keessaa dhalatteettii?
- Gatiin kee hanguma namni midiyaa fi bakka adda addaati si beekuudhaa?
- Gatiin kee hanguma dubbii keetitii?

- Gatiin kee hanguma dhaabbata ati keessaa hojjetutii?
- Gatiin kee hanguma namoonni waa'ee kee dubbatanii?
- Gatiin kee kee hanguma rakkina kee har'ati?
- Gatiin kee hanguma jibbamuu fi jallatamuu kee har'atii?
- Gatiin kee hanguma biyyoota addunyaa naannofteedhaa?'
- Gatiin kee hanguma teekinoolojii fayyadamteedha?
- Gatiin kee hanguma namoota beekamoo beekteefi wajjin jiraatteedha?

Akka yaada kiyyatti gatiin kee inni dhumaa kanneen ani armaan olitti tarreesse miti. Gatiin kanneen armaan olitti tarreeffaman baay'ee kee caala.

*Gatii gatii hin qabnee caalaa kan akka gatii gatii hin qabnee kan gatii hin qabne hin jiru! Gatiin kee hanguma gatii keetiti malee hanga gatii nama biroo miti. Gatiin kee hanga lafa geesse osoo hin taanee hanga lafa geessuuti! Gatiin gatii caalu abjuu qabaachuun abjuu kee hojitti hiikachuu keeti!*

*Kanaafuu, gatiin kee gatiikeeti.! Gatiin kee meeqa yoon jedhan sitti hin himu jedhiin. Sababni isaas gatii kee namni beekuu waan hin dandeenyeef.*

*Gatiin koo gatii kooti!*

# BOQONNAA-7

## ABDII AKKA HIN KUTANNE ABDII KUTADHU!

*"Bara keetti abdii hin kutatin, galma ga'uuf dhoksaan koo abdii kutachuu dhiisuu kooti." W. Chuurchel*

Akkan abdii hin kutanne abdii kutadheera. Abdii kutannatti naaf himi ani abdii kutachuu akkan hin dandeenye. Warri abdiin keessa karaa beekamuu fi hin beekamnee isin duraa dadhabee har'aa kaasaati abdii kutannaadhaan of eegadhu jedhanii. Biyya lafarraa summiin dhaloota fi fiixaan ba'insaa abdii kutachuudha. Wantoota abdii nama kutachiisaan keessaaa muraasni:

1. *Namootatu abdii nama kutachiisa*
2. *Barnootatu abdii nama kutachiisa (barachuu dhabuu fi baratanii hojii dhabuutu).*

3. *Maatiitu abdii nama kutachiisa (mul'ata kee hubachuu dhiisuu)*
4. *Hiriyaatu abdii nama kutachiisa (hanguma isatti akka yaadduu fi yaada kee siharkatti tuffachuun).*
5. *Hiyyummaatu abdii nama kutachiisa*
6. *Dorgommiitu abdii nama kutachiisa (dorgomuu dhabuu fi dorgommanii kufuu)*
7. *Guddina namootaa qofa teessee ilaaluun abdii nama kutachiisa.*
8. *Nama of duratti ilaalaa deemtu dhabuun abdii nama kutachiisa.*
9. *Yaadni kee fi lafti ati jirtu gaafa wal faallessu abdii nama kutachiisa.*
10. *Ni geessa iddoo ati jedhamtee fi iddoo ati geesse gaafa wal faallessu abdi kutachuun kee hin oolu.*
11. *Beekumsi kee fi lafti jirtu gaafa wal faallessu abdi ni kutatta.*

*12. Gaafa hojiin kee dhokatee, hir'inni kee qofti dubbatamu abdii si kutachiisa.*

Kanaafuu, maal siif wayyaree? Kun hundumtuu sirra ga'ee jira yoo ta'ee maal taataree kana booda? Akkuma kanatti itti fuftamoo karaa jijjiirachuu barbaaddaa? Yoo murtoo tokko murteessite kanneen armaan olitti tarreeffaman kun hundi, seenaa darbe ta'ee ati immoo seenaa haaraa galmeessisuu ni dandeessa. Akkamitti? Abdii akka hin kutanne har'uma abdii kutadhu! Namoota baay'ee irraa kanan dhaga'uu fi arguu abdii kutannaadha. Sanyii abdii kutannaa of keessatti facaaftetta taanaan, iji isaa baay'ee si dhuunfaata waan ta'eef, dafii sanyii abdii kutannaa si keessatti faca'eef deebii barbaadi. Deebiin isaa hangam illee rakkadhus, jibbamus, arrabsamus, jireenyi faallaa ta'us ani abdii akkan hin kutanne abdii kutadheera jedhiin.

Wanti dhageessuu fi argitu abdii kan si kutachiisan yoo ta'ellee, ani abdii kutachuuf yeroo hin qabu jedhiin. Abdii kutachuuf yeroo qabda taanaan, abdii horachuuf immoo yeroo argachuu hin dandeessu. Kanaafuu, abdii kutachuuf haalaa fi yeroo hin mijeessin. Ati abdii kutachuuf haala mijeessinaan, abdii kutannaan nama akka kee haalaa fi yeroo mijeessuuf baay'ee barbaada.

Abdii kutannaan mana kee yoo seene gad baasuuf humnaa fi yeroo baay'ee si gaafata. Osoo ati hin qopha'in yoo mana kee seene, mul'ata kee baay'ee si duraa balleessee yookiin yeroo kee baay'ee nyaatee gad ba'a.

***Kanaaf, abdii akka hin kutanne abdii kutadhu!!***

# BOQONNAA-8

# ITTI-GAAFATAMUMMAA FI ITTII-FAGAATAMUMMAA

Dhalli namaa itti-gaafatamummaa galmaan ga'uuf dhalate malee ittii-fagaatamummaa dhaan fiigicha isaa xumuruuf hin dhalanne. Ittii-fagaatamummaa jechuun faallaa itti-gaafatamummaati. Ittii-fagaatamummaan kaayyoo fi mul'ata ofitti akkasumas itti-gaafatamummaa namatti kennamettii fagaachuu jechuudha.

Dhaloota baay'eetu itti-gaafatamummaa baqatee ittii-fagaatamummaa keessa jiraataa jira. Itti-gaafatamummaa jalaa dhaloonni baqatu dhaloota ittii-fagaatamummaa jedhama. Hogganaas ta'e hogganamaan itti-gaafatamummaa jalaa baqataa jiru taaanaan ittii-fagaatamummaa keessa jiru jechuudha.

Kaayyoo, mul'ataa fi abjuu uumamteef carraaqaa hin jirtu taanaan, kan si rakkisu ittii-faagatamummaa keeti. Ittii-fagaatamummaa jechuun ittii-fagaachuu jechuudha. Na hin ilaallatu, maaltu na dhibee, qaama biroo gaafadhu fi ani dhimmicha keessaa hin qabu jechuudha. Baqachuun nama hin baasu. Dhiisuun nama hin oofkalchu. Kanaaf, dhaloota itti-gaafatamummaa fudhachuuf qophaa'u ta'i.

Bara itti-gaafatamummaan nama harkaa bu'ee miillaan deemaa jiru keessatti, itti-fagaatamummaan iddoo guddaa argatee nu rakkisaa jira. Kanaaf kottaa ni dammaqnaatii. Dammaquun furmaata itti-gaafatamummaa ofii sirriitti galmaan ga'uu fi ittii-fagaatamummaa immoo hir'isuuti. Dammaqiitii itti-gaafatamummaa fudhadhu!

Itti-gaafatamummaan yoo baqatanis nama hin baqatu. Baqachuu dhiisiitii ofitti fudhachuu shaakali. Saayinsi ittii-fagaatamummaa yoo keessummeessuu jalqabde, itti-gaafatamummaa akka hin fudhanne si taasisa. Itti-gaafatamummaa walakkaan hin jiru. Isa gaarii fudhattee isa hamaa dhiisuu hin dandeessu. Lachuu isaa fudhachuuf qophaa'i. Itti-gaafatamummaan isa gaarii fi isa hamaa walqixa keessummeessuu jechuudha.

*Namtichi tokko guyyaa tokko furtuun gate jedhee karaa duraa irra barbaada ture. Osoo inni furtuu sana barbaadaa jiru, hiriyaan isaa itti dhufee maal akka inni gatee barbaadaa jiru gaafate. Innis furtuun gatee as iddoo ifni jiru kanan karaa dura barbaadaa jira jedheen. Hiriyaan isaas daqiiqaa baay'ee erga waliin barbaadanii booda, arguu akka hin dandeenye erga hubatee booda akkas jedheen, dhuguma*

*furtuu kana asitti gattee jedhee gaafate? Namtichi furtuu gate sun dhumarratti akkas jedhe, furtuu kanan gate mana kiyyaa keessatti garuu as kanan barbaadaa jiruu ifti (light) waan jiruuf jedhe jedhama.*

Namoonni baay'een itti gaafatamummaa isaanii iddoo biraatti gatanii iddoo biraatii barbaadu. Kun immoo ittii-fagaatamummaa jedhama.

Rabbii itti gaafatamummaa wajjin malee ittii-fagaatamummaa wajjin nu hin uumne. Itti gaafatamummaan dhala namaa wajjin kan dhalatuudha jedheen yaada. Sababni isaas osoo itti-gaafatamummaa hin qabu ta'ee dhalli namaa dhalachuun maaliif barbaachiiseere?

Itti-gaafatamummaan kee kan bal'ataa fi guddachaa deemuudha. Garuu ni guddata akkasumas yeroo gara yerootti hubannoo adda addaan kan foyya'aa deemudha.

Ittii-fagaatamummaan faallaa itti gaafatamummaa ti. Kana jechuun jiraatanii maaliif akka jiraataniif eessa akka jiraatan osoo hin beekin darbuu jechuudha. Kanaaf, yoom duutaa? Dafii du'i jennee jalabne.

Hundi keenya rakkoo ittii-fagaatamummaa qabna. Sadarkaa isaa wal haa caaluu malee, rakkoon kun dhala namaa hundumaa biratti ni mul'ata. Itti-gaafatamummaa isaanitti kenname sirriitti galmaan ga'anii kan du'an namoota muraasa qofa. Isaaniis, itti-gaafatamummaa isaanii beekuun, qorachuun, of gaafachuun, itti yaaduun, kallattii diriirsuun fi abdii osoo hin kutatin fiigicha isaanii goolabanii boqotaniiru. Muraasni isaaf har'a sirriitti itti-gaafatamummaa isaanii ba'aa jiru. Baay'oliin keenya garuu ammayyu itti-fagaatamummaa wajjin oollee bulaa jira. Kanaaf, ba'uu fi galuun keenya wal hin caalu.

Adaraa dhaloota ittii-fagaatamummaa keessaa ba'ee itti-gaafatamummaa keessa isaa jiru hubatee waa dalagee addunyaa kanarraa darbu Waaqni nu haa taasisu!

Itti-gaafatamummaan namoota muraasni qofti kan beekan, Ittii-fagaatamummaa immoo dhaloonni addunyaa kana baay'een kan wajjin rakkataa jiruudha. Gara itti-gaafatamummaatti ce'uuf har'uma haa dammaqnu!

# BOQONNAA-9

## ADARAA NAMA TOKKOTTILLEE HIN DUBBATIN

Dubbiin dubbii namni hundi osoo beekuus osoo hin beekinnis irra deddeebiin fayyadamuudha. Namni nuti itti dubbannu sun nama ta'ee osoo jiruu ati immoo adaraa nama tokkotillee hin dubbatin jechaa oolla.

Maaliif akkas jennaa? Maaliif akka namni biraan hin dhageenye barbaannaa? Yoo dhaga'an maaltuu ta'aa? Namticha itti himaa jirrummoo akka inni nama birootti hin dubbanne akkamitti beeknaa?

Dhoksaan gaafuma nu harkaa baatee dhoksaa ta'uun ishee hafe. Kana yoomillee hin dhagatin. Namni kamillee akkuma koo fi kee dadhabbii fi hir'ina mataa isaa qaba. Namni dhoksaa eeguudhaan addunyaa kanarraa badhaasa

fudhachuun beekame hin jiru. Kanaafuu, hin gowwomin. Bara baay'ee gowwomneerra.

Adaraa nama tokkotillee hin dubbatin jennee namni hundumtuu akka dhaga'uu ta'eera. Kunis jira. Gaafa namatti himtu kana booda adaraa nama baay'eetti himi jedhitii waa itti himi malee nama tokkottillee hin himin hin jedhin.

Addunyaa kanarraa wanti dhoksaan himamee wanti himamuu qabu baay'een dhokateera. Addunyaa wal faallaa deemtuudha. Addunyaa waan dhokachuu qabu mul'istu addunyaa waan mul'achuu qabu dhoksituudha. Adaraa nama tokkotillee hin dubbatinaa jechaa namoota baay'eetti dhoksaa dubbachaa oolla. Kun dubbii wal faallessuudha. Namni tokko dhaga'uu hin qabu taanaan namntichi itti himaa jirrus dhaga'uu hin qabu. Sababni isaas innis akkasuma jechaa nama tokkotti hima. Namni tokko sunis akkasuma jechaa nama tokkotti

hima akkasumastti dubbicha gurraachaa fi adii bira ga'ee, dubbii ati afaan keen nama tokkotti dubbatte afaan addunyaa baay'eetti siif hiikama. Kanaafuu, adaraa nama tokkotti hin dubbatin jechuun adaraa nama baay'ee biraan dafii naaf ga'i jechuu ta'eera. Wanti akkasii namoota baay'e cabseera ta'a. Kana adaraa nama tokkottillee hin dubbatin hin jedhin. Yoo dandeesse qabadhuu ta'i. Yoo dadhabdees qabadhuma ta'i. Guyyaa tokko dubbii dhoksaa jedhamu hiriyaa tokkoof qoodee, guyyaa lamatti osoo namni kan biroon akka tasaa dubbatuu dhaga'eera. Akkasumas nutis kan namaa dabarsinee kan dubbanne baay'ee qabna.

Kanaafuu, yoo danda'ame hanga namni sun si hubachuu fi siif baachuu danda'u qofa qoodiif, isa caalu garuu ofii kee wajjin xumuradhu.

Adaraa nama tokkotillee hin dubbatin yaadni jedhu anaa fi si gidduutti haa hafu jechuudha.

Dubbattee miidhamuu kee irra dubbachuu dhiisuu kee wayya. Mee hundumti keenya rakkina kana waan qabduuf, har'a eegallee shaakala of eeggachuu haa jalqabnu.

***Jabaadhu, yaada kee wajjin araarami! Sana booda akkamitti fi eenyutti yoom dubbachuuf eeggachuu akka qabdu si barsiisaati!!***

# BOOQONNAA-10

## DHUGAA KEE FI DHUGAA KOO

Dhugaan laphee namoota dhugaa qaban keessa qofa jirti. Dhugaa fi obboleessi dhugaa tokko miti. Dhugaa yeroo barbaannu karaan keenya baay'ee dhagaan kan guute ta'uu ni danda'a.

Dhugaan koo anaaf dhugaa kooti. Dhugaan kees siif dhugaa keetii. Garuu eenyutu walitti nuuf fidee dhugaa lachuu keenyaa taasisaa? Dhugaa koo malee dhugaan kee sirrii miti yoon siin jedhee, atis dhugaa koo malee dhugaan kee sirrii miti naan jetta. Kanaafuu, dhugaa koo qabadhee dhugaa kee kabajuun ogummaadha.

Namoota baay'eef dhugaan isaaniif isa qabatan qofaadha. Inni namni biroon dubbatu dhugaa miti. Dhugaan kun maaloodhaa? Biyyi lafaa guutummaa guutuutti dhugaa barbaaddi akkasumas dhugaadhaafis fiiga kan jedhanis

lakkoofsaan danuudha. Mee gaaffilee kana of haa gaafannu.

- Dhugaan eessa jirti?
- Dhugaa eenyutu siif barbaadee argaa?
- Dhugaa barbaadanii arguu jechuun maal jechuudhaa?
- Maaliif namoonni dhugaa barbaaduuf waliwalii isaanii balleessuu?
- Ulaagaan dhugaa maaloodhaa?
- Dhugaa koo jechuun maal jechuudhaa?
- Dhugaa barbaaduuf maaliif dhalli namaa wal dhiibaa?
- Maddii fi galmi dhugaa maaloodhaa?
- Dhugaa yoo argates immoo maaliin gootaa?
- Wanta ati dhugaa jettee itti amantu, warreen biroon immoo maaliif dhugaa miti siin jedhuu?
- Namni dhugaa nama akkamitii?

- Dhugaa kee akkamittan dhugaadha jedhee fudhachuu danda'aa?
- Dhugaan addunyaa kanarraa yoom baduu eegalee?
- Dhugaan addunyaa kanarraa eessa dhokatee jiraa?
- Dhugaan argameera moo hin argamnee?
- Dhugaadhaafin du'a jechuun dhugaan awwaalcha keessa jira jechuudhaa?
- Dhugaan maaliif sadarkaa barnootaa isa olaanaa bira yommuu ga'an hin argamneeree?
- Dhugaa maaliif Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii mari'atanii addunyaaf fiduu dadhabanii?
- Dhugaan halkan moo guyyaa argamuu danda'aa?
- Dhugaan kan warra hiyyeessaati moo kan warra sooressaatii?

- Dhugaan kan adii moo gurraachaatii?

Gaaffilee armaan olitti tarreeffamaniif, anis deebii xiqqoo tokkon qaba. Innis dhugaan kee dhugaa kee ta'u isaati. Maddi dhugaa kee si keessa madda malee nama biraa keessaa hin maddu. Dhugaan koo waanan irratti hunda'een naaf murtaa'a malee waan namni naaf raawwatuu fi naaf kennuun miti. Anaaf dhugaan koo madda jireenya keenya isa ta'e Uumaa kooti! Dhugaan akkaataa baay'een ibsamuu danda'a. Garuu dhugaa inni sirriin SI KEESSAA MADDA!

Dhugaan si keessaa jalqabe lafa baay'ee ga'uu danda'a. Nama baay'eefis ga'uu ni danda'a. Dhugaa barbaacha laga baay'ee hin ce'in, dhugaan si keessaa jalqabee asi achi adeema malee gamaa jalqabee gara keetti hin adeemuti. Beektonni saayinsii fi siyaasaa baay'een dhugaa barbaaduuf bara isaanii fixu. Anaaf dhugaan

gabaa bitamuu fi lafa argamu hin qabu. Dhugaan nama keessaa madda. Namoota keessaa maddee dhaloota borii ijaara. Dhugaa wajjin walitti hin araaramne yoo ta'ee, sobaa wajjin fira lafaa /fira cimaa/ taanerra jechuudha.

Dhugaan gabaadhaa hin bitamu. Dhugaan jireenya dhugaa nurraa barbaada. Dhugaan saayinsii baay'ee caalaa sammuu qulqulluu fi yaada garaa qajeelaa nurraa barbaada. Dhugaan obboleessa keef waan gaarii yaaduu jaallata. Dhugaan akka ofii keetti nama biraa gaarii akka yaaddu sirraa barbaada. Dhugaan karaa qajeelaa fi gaarummaa ati naaf yaaddu sirraa barbaada.

Dhugaan kee dhugaa keeti jechuun dhugaa keessa kee jiru kan sii fi namaafis boqonnaa kennu jechuudha. Dhugaan sirraa fagaannan boqonnaa sammuu hin qabaattu. Dhugaa mana keetii gad baastee sobaa wajjin bulta taanaan, dhugaan waliigaltee sii wajjin qabu dafee

addaan kutuu barbaada. Sana booda dhugaakoo jechuu dhiiftee sobakoo jechuu qabda.

Dhugaa kee fi dhugaa koo eenyutu walitti fida yoon nan jette, dhugaa keessa keenyaatu walitti nu fida. Dhugaa of keessaa hin qabnu taanaan yoomillee jireenya abdii qabu hin jiraannu. Dhugaan biyyoota guddatan miti kan inni jiru. Dhugaan biyyoota guddataa jiran biras miti kan inni jiru. Dhugaan lafa madda isaa jira. Maddi dhugaa:

- Dhugaan dhugaa barbaada
- Dhugaan dhugaaf firooma
- Dhugaan dhugaarraa jalqaba
- Dhugaan siyaasa miti.
- Dhugaan xiinsammuu miti.
- Dhugaan mucaa dhugaa qaba
- Dhugaan qajeelina, qulqullummaa sammuu fi garaa barbaada
- Dhugaa iddoo sobni itti mo'e hin jiru

- Dhugaan iddoo jibbaa hin jiru
- Dhugaan ija qaba ni arga, harka qaba ni qaqqabata, miila qaba ni adeema, gurra qaba ni dhaga'a, sammuu qabu ni yaada.
- Dhugaa awwaalanii yoo galan warri awwaalan osoo mana hin ga'in dursee mana isaanii taa'ee isaan eega.
- Dhugaan beekaadha.
- Dhugaan hiyyeessas, sorreessas miti.

Dhugaan ofuma isaatiyyu qabeenya.

Kanaafuu, dhugaa koo fi dhugaa kee madda isaatu murteessa. Dhuguma jechuun maqaa Rabbii /Waaqaan/ kakaachuu dhugaakee fi dhugaa koo jechuu miti.

Baay'een keenya maqaa Uumaan kakaachuun dhugaa waan qabnu nutti fakkaata. Dhugaan madda isaan murta'a malee jechootaan murta'a miti.

*Adaraa dhugaankee fi dhugaankoo akka dhugaa dhugummaa ta'uuf wanta dhugaa irraa maddee dhugaa ta'ee dhugummaa isaan gochaan mirkana'ee dhugaa ta'ee haa ta'u.*

# BOQONNAA-11

## MAALIIF BADDEE? WANTI HAARAAN MAALTU JIRAA?

Bara kanatti maaliif baddee jechuun jecha walii-galaa ta'eera. Maaliif baddee siin jechaa akka ati hin jiraanne kan barbaadutti baay'ate. Maaliif baddee? Siin jechaa baduu keef boolla tokko hir'uu dhibbaa tokkoo siif qota. Galata Rabbii garuu har'a geesseetta boriifis hin yaadda'in.

Maaliif baddee siin jechuun maaliif hin mul'attuu yookiin dhiheenyatti si hin argine jechuu fakkaata. Garuu karaa kan biroo immoo baduu kee siif mirkanessera. Yoo namni maaliif baddee siin jedhe? Maaliifan hin badu jedhii deebisi kana booda. Sababni isaa amma si argee si gaafata jira malee ati akkuma baddeetti osoo achuman haftee maal godha turee?

Jechoonni akkasi yeroo dhihoo asitti heddummaataniiru. Namni si hin barbaadnes

yeroodhuma sanatti sibira darbuuf, maaliif baddee siin jedha. Komii jalaa ba'uuf jedhee maaliif baddee siin jedha. Deebiin kee kana booda ani hin badne, namni bade nama as hin jirreedha jedhiin.

Saayinsii baduu kee kan si gaafatu saayinsii badiisa kee warra qopheessaa turan keessaa tokko ta'uu danda'a.

Anis kaleessas hin badne boris hin badu. Ani qarshii yookiin horii miti. Baduufis karoora hin qabu. Lafuma kaleessa itti si argaa turee gaafa si dhabu, baduu kee labsa. Baduu jechuun hiika baay'ee qaba. Garuu maaliif baddee jechuun gaarummaafis kan si gaafatu jiraachuu ni danda'a. Jechi sirriin akka kootti, si barbaadeen ture, garuu si argachuu hin dandeenye yeroo sanatti. Namni baay'ee akka ati baddee sitti hima malee akka ofii badee jirus hin dubbatu. Namni baduu koo na gaafatu ofii isaatii

muuxxannoo baduu baay'ee nama qabu ta'uu danda'a.

Kaleessas, har'as akkasumas boris hin badu jedhin. Garuu yeroo ati na barbaaddetti yeroo hundumaas argamuu dhiisuu nan danda'a jedhiin. Ati nama kaartaa jireenya keen sochootuudha. Namni akkuma dhagaa lafa tokkotti yeroo hundumaa dhufee si ilaalee yoo si dhabee hin baddeem namni siin jedhu yoo jiraate, hoospitaala yaala sammuu Amaanu'eliin deemuu akka qabu itti himi.

Maaliif baddee? Jechuun yeroo baay'ee bara kanatti maaliif hin badduu, maalumaafan deddeebi'ee si argaa jiraa jechuu natti fakkaata. Gaarummaadhaafis kan si gaafatan jiru. Baay'olin garuu waanuma arrabni isaanii shaakaleef si gaafatu.

Maaliif baddeen maaliif hin badduus of keessaa akka qabu hin dagatin. Maaliif baddee – ati

immoo eessaa fa'i na barbaaddee jedhiin. Iddoodhuma kaleessaatii kan si barbaadu, ofii isaatis iddoodhuma kaleessaa waan jiru natti fakkaata. Maaliif baddee? Hin badnes, hin badus, karoora isaas hin qabu jedhi kana booda.

## WANTI HAARAAN MAALTU JIRAA?

Gaaffiin kunis yeroo amma gabaa irratti gatii guddaa qaba. Ganamaa galgala namoonni akkuma wal arganin wanti haaraan maaltu jiraa jedhu. Wanta haaraa ilaalchisee yaada laman qaba.

1. Wanti Haaraan Baay'eetu Jira (Guutuudha)
2. Wanti Haaraan Gonkuma Hin Jiru

Jalqaba irratti ilaalchi wanta haaraa ittin gaafannu maaliidha? Wanti haaraa ati barbaadnu maaliidha? Maaliif immoo guyyaa hunda

gaafannaa? Wanti haaraan ati argachuuf hawwitee dhabde maaliidha?

Wanti haaraan jira jechuun yoo yeroo fi fayyaa qabaatte wanti haaraan jiru jiraachuu keeti. Jiraachuu kee immoo yoo fudhatte, wanti haaraan yeroo hundumaa jiraachuu kee keessa jira. Osoo jiraachaa jirtuu waan haaraa gaafatta taanaan, siif wanti haaraan ati gaafattu du'as ta'uu danda'a. Osoo jirtuu waan haaraa hin gaafatin. Wanti haaraan jiraachuu keeti. Ati jireenya kee itti amantee jiraataa jirta taanaan wanti haaraan jiraachuu keessaa argama.

Wanti haaraan hin jiru jechuun samii gaditti wanti haaraan akka hin jirree immoo namtichi ogeessi addunyaa kanaa Solomoon Daawwit jedhamu tokko nuuf barreesseera. Wanti haaraan jira. Wanti haaraan hin jiu!

***Warri waan haaraa eegdan, wanti haaraan jiraachuu kee keessa jira.***

# BOQONNAA-12
# ADDUNYAA ABBAA HIN QABNE!

**Gaaffilee Murteessoo Waa'ee Addunyaa Kanaa:**

1. Addunyaan kan eenyuutii?
2. Addunyaa kana eenyutu bulchaa?
3. Addunyaa jechuun maal jechuudhaa?
4. Addunyaa irratti beekamuu jedhu namoonni baay'een. Maal jechuudha addunyaa irratti beekamuu jechuun? Ulaagaan isaahoo?
5. Qabeenyaadhaan addunyaa dursuu jechuun maal jechuudha?
6. Addunyaan kun eessa turtee gara fuula durattis eessa deemti akkasumas maal taati?
7. Addunyaan kun yoom baddi?

Kitaaba koo kanaan duraa keessattii jechuunis ‘Siif Galeeraa’ kitaaba jedhu keessatti addunyaan si keessa akka ta’ee barreesseen ture. Amma immoo addunyaan kan eeenyuu akka taate gaafachuudhaan eegaleera. Addunyaan kun abbaa qabdi moo jedheen yeroo dheeraaf of gaafachaan ture. Kanaafin barreessuuf dirqame. Addunyaan kun kan eenyuutii? Namni kan kooti jedhee kaartaa liizii itti fudhate jiraamoo? Qabiyyee abbaa kootittis jedhee kan kaartaa itti baafate jiraamoo? Ani abbaa addunyaa kanaa barbaadaan jira. Addunyaan kun kan warra kan kooti jedhanii miti. Addunyaan kun kan warra biyyootarra naanna’aniis miti. Addunyaan kun kan warra lafuma jiran jiraatanii sammuu addunyaa of keessaa qabaniti.

Sammuu addunyaa of keessaa qabda taanaan, abbaan addunyaa kanaa si’i. Baay’oliin biyyoota addunyaa kana akka naanna’anitti dubbatu.

Kunis gaariidha. Garuu of isaanii naanna'uun isaanitti ulfateera. Abbaan addunyaa kana abbaa addunyaa sammuu isaa keessaa qabuudha.

Sirna addunyaan ittin of bulchitu keessaa inni guddaan sirna beekumsaa fi teekinolojii akkasumas geggeessummaa sammuu dhaloota ceesisu waan ta'eef, kana hubattee ittiin of geggeessinaan addunyaa kan keeti. Addunyaan kan namoota qopha'oo ta'aniiti malee kan namoota taa'aaii jijjiirama eeggatanii miti.

Addunyaan kun namoota sammuu ishee of keessaa qabaniif, yeroo hundumaa banaadha jechuun ni danda'ama. Yeroo ammatti addunyaa kanarraa wantoonni dhiibbaa geggeessan saddeetu jira jedha qorannoon garagaraa. Kunis kitaaba Joon Maaxi Weel (Change Your World) jedhu irratti akka armaan gadiitti barreeffameera.

Wantoonni dhiibbaa geggeessan saddeettan kunneenis:

1. **Mootummaa**
2. **Barnoota**
3. **Bizineesii**
4. **Amantaa**
5. **Midiiyaa**
6. **Aartii**
7. **Ispoortii**
8. **Dhimma Fayyaa Addunyaa**

Addunyaa qaamni muraasni qaamota danuu irratti dhiibbaa geggeessu keessa teenyee, murtoo keenya hin sirreeffannu taanaan, warra dhiibbaa qaamota muraasaatin oofaman taanee hafna jechuudha. Kanaaf, addunyaan abbaa qabdi. Addunyaa abbaa hin qabne jedhee kanan jalqabeef, dhaloonni baay'een anuma dabalatee addunyaan abbaa qabaachuu ishee waan hin hubatneef, qaamni

muraasni akkuma qilleensaa gara barbaadetti nu oofaa jira.

Kanaaf, nuti dammaqnee abbaa hin taane waan ta'eef, addunyaa abbaa hin qabne jedheen mataduree isaa jalqabuuf dirqaame. Garuu addunyaan abbaa qabdi. Abbaan addunyaa nama irratti dammaqee yoo gabaa yaadaa seenee, ofii isaa dursee jijjiiramaaf qopheessuun deebii addunyaan kun isaarraa barbaaduu ol deebisuuf yoo dursee argameedha.

Addunyaa kee situ jijjiirrata. Addunyaa namni jijjiiree siif kennu, furtuun isaa namticha harka jira malee si harka hin jiru. Yeroo ati dubbattu eenyu akka si dhaga'uu qabu situ murteeffata. Balbala banamaa hin eegin, balballii banamee si eegu kan oduu fi rakkinaa qofaati. Balballi jijjiiramaa yeroo hundumaa hanga bira geessee bantutti cufamaa sitti fakkaachuu danda'a.

Addunyaa abbaa hin qabne har'aa eegalii abbaa itti ta'i. Galmee kee situ barreeffata. Galma kees situ ga'uu qaba.

Abbaan addunyaa warra sammuu addunyaa fi ilaalcha addunyaa of keessaa qabaniidha.

Namoonni baay'een iddoo guddaa fi nama guddaa fakkaatu malee, miillii fi sammuun isaanii waanuma naannoo isaanii qofa keessa naanna'a. Addunyaa kee yoo sirreeffatte, addunyaan si alaa siif sirrataati. Addunyaan kee yoo sirrate, addunyaan si alaa baay'eef si mijataati.

***Namoonni waa'een addunyaa kanaa isaaniif hin gallee yeroo hundumaa jijjiirama qaama biroo irraa eegu. Jijjiiramni kennaa miti. Jijjiiramni kan eegamu osoo hin taanee, kan itti adeemamuudha!***

# BOQONNAA-13

## ULAAGAA ULAAGAA MALEE BA'E

Addunyaa ulaagaa baastu keessa jirra. Ulaagaan ulaagaadhumaan osoo ni ba'a ta'ee baay'ee bu'aa qaba ture. Garuu rakkinni addunyaa kanaa yeroo ammaa ulaagaa ulaagaa malee ba'utu baay'ate.

Barnoonni barnoota malee kennamu akkuma nu rakkise, wanti baay'een ulaagaa malee ulaagaa ta'ee ba'aa jira. Ba'aas ture. Boris ni ba'a.

Addunyaa kana waan ijaan mul'atu caalaa waan hin mul'annetu ishee geggeessa. Addunyaa kun nuti waanuma argu argaa jira malee isheen harka lafa jalaatiin geggeeffamaa oolti. Dubbii qoosaa fakkaatu, garuu hiika qabu tokko akkas jedha,

***"Mucaa tokkotu waggaa baay'ee erga baratee booda, gaafa eebba isaa carraa gaaffii gaafatamuu argatee akkas jedhe, barsiisota keenya warra osoo hin baratin nu barsiisanii***

***asiin nu ga'aniif galatni haa ga'u"*** jedhe dubbate jedhan.

Kana jechuun mucaan sun eenyuu irraa fi maal baratee achi ga'e jechuudha? Osoo hin baratin warra barsiisan yoo taane, dhaloota osoo hin baratin barsiisuuf qopha'uu oomishna jechuudha. Kunis ulaagaa ulaagaa malee ba'ee jechuudha.

Addunyaa ulaagaa baastee ulaagaa malee baay'ee geggeeffamtuu baay'ee argineerra. Kan akka ulaagaa baasuu salphatu hin jiru. Ulaagaa beektota baay'een qophaa'uu arginerra. Warrumti ulaagaa sana qopheessan immoo ulaagicha cabsuuf ulaagaa biraa osoo isaan qopheeffataniis argineerra. Ulaagaa malee ulaagaa baasuu fi ulaagaa ba'ee cabsuufis ulaagaa ba'utu nu rakkise.

Addunyaan ulaagaa baay'ee baaftee waliin jiraachaa as geesse. Garuu yeroo hundumaa

ulaagaa baay'een yeroo ilaalamu ulaagaa malee ba'e.

Sirna beekamtiin kennameef caalaa sirna beekamtii hin qabnetu caala. Murtoon addunyaa rakkisaa jiru isa sirnaan murta'ee osoo hin taanee, kan lafa jalaan murtaa'eedha.

Ulaagaa ulaagaa malee ba'e jechuun ulaagaa akka namni ittin jiraatuu fi ittiin of geggeessu ta'ee kan ba'e, garuu yeroo sirriitti ilaalamu ulaagaa guutuu kan hin dandeenye jechuudha. Yeroo ulaagaa baastu atumti ulaagaa baasuuf ulaagaa akka guuttu mee of ilaali mee. Ulaagaa ulaagaa malee ba'etu ulaagaa ta'ee akka ulaagaatti nu geggeessa taanaan, nutis osoo ulaagaa hin guutin yookiin ulaagaa sanaa ol taanee osoo jirruu ittiin geggeeffamna jechuudha.

*Ulaagaan ba'ee osoo hojirra hin oolin, inni isa diigu osoo ba'uu argina. Labsii ba'ee osoo hojirra hin oolin, labsii isa diigu argina.*

*Namoota sadarkaa ulaagaa hin guutneetu ulaagaa guutuu ta'ee baasuu yaalu. Kun dubbii sobaati. Ulaagaa osoo hin guutin ulaagaa guutuu baasuun hin danda'amu.*

Ulaagaa ulaagaa malee ba'e baay'etu namoota ulaagaa guutuu danda'an hambisee, guutuu kan hin dandeenye immoo gad teessise. Addunyaan kun kanaaf, yeroo baay'ee kanaaf namoota akkasii barbaaddi. Ulaagaa ulaagaa malee ba'etu, ulaagaa ulaagaa guutee ba'e bakka dhowwata. Adaraa ulaagaa ulaagaa malee ba'e argitanii hin dhiphatinaa. Karaa qajeelinaa irratti hojjechuun, ulaagaa ulaagaa malee ba'e, ulaagaa ulaagaa guutee ba'een jijjiiri!

*Ulaagaa ulaagaa guutee baasuuf, iddoo ati irraa kaatuu fi iddoon ati bakka amma irra jirtu irraa dhaabbattee argaa jirtu murteessadha. Mee dubbii armaan gadii hubadhaa!*

***"Bara dargii gareen waan baay'ateef, garee sana diiguu qabna jedhan jedhama. Garee baay'ate kana diiguuf immoo ammas garee isa diiguu kan biroo uumuu qabna jedhan." Jedhama. Argitani gareen baay'annaan garee diigu barbaadanii, diiguuf immoo garee kan biroo isaan gaafate.***

Kunis dubbii kana wajjin wal fakkaata. Ulaagaa ulaagaa malee ba'ee sirreessuuf ulaagaa hin taane qopheessuun ammas isuma sana.

Kanaaf, ***Ulaagaa ulaagaa malee ba'e diiguuf, ulaagaa ulaagaa guutee ba'etu barbaachiisa malee, ulaagaadhuma ta'ee baasuun hin barbaachiisu.***

# BOQONNAA-14

## JIRAACHUUTTI MAALIIF HIN JIRAANNEE?

Jiraachuuf qophoofnee, osoo jireenyatti hin jiraatiin nu darbaa jirti. Maaliif jiraachuun jireenyaa waliin wal nu simuu didee? Anis osoodhuman of gaafadhuun har'a ga'e.

Namoonni baay'een jiraachuutti jiraachuu dhiisaanii, jiraachuuf jireenya jiraachuu barbaadaa jiru. Inumti ati amma itti jirtu jireenya jedhama. Hiika qabates dhabes, jireenyuma jedhama. Garuu jireenyi namoota hiika qabuu, jireenyis jireenyuma jedhama akkasumas du'i isaanis jireenyuma jedhama.

Namoonni baay'een jiraachuutti osoo hin jiraatin, jireenyi isaan harkaa dhumee addunyaa kanarraa goodanaa jiru. Kanaaf, jiraachuutti jiraachuu jalqabi. Namni hundumtuu ganamaa hanga galgalatti fiigaa oola. Ni dadhaba. Ni yaada. Ni nyaata. Ni oomisha. Ni barata. Ni

geggeessa. Ni ijaara. Ni daldala. Wantootni tarreeffaman danuutu jiru.

Gaaffilee Jiraachuu wajjin walqabatan keessaa muraasni:

1. Osoo hojii hojjettuu duutee, dhuma irratti bu'aa ati argattu yoo maal sii ta'e wayyaa?
2. Qabeenya daangaa hanga daangaatti horattee, osoo itti hin boqotin yoo deemte bu'aa ati ofii argatte maal ta'a jettee yaaddaa?
3. Maqaa beekamaas qabaattee dhuma irratti, osoo maqaa fi kabaja siif kennametti hin boqotin yoo duutee ati maal argattee?
4. Osoo dhaloonni baay'een karaa irraa beela'uu, ati garuu qarshii hangana hin jedhamne baankii kuustee yoo addunyaa kanarraa boqotte maal argattaa?
5. Haatii hiyyeessaa ijoollee ishee waan nyaachiiftu dhabdee, ati immoo garuu wantoota jireenya kee gammachiisan

fakkeenyaaf dhuguu fi nyaachuu qofatti miliyoonota yoo balleeesitee, gaafa addunyaa kanarraa darbuuf daqiiqaan tokko si hafu maaltu sammuu keetti dhufaa ?

6. Namoonni baay'een kafana uffatanii namatti gad ba'an dhabanii yeroo rakkatanitti, ati immoo garuu gosa kafanaa dhiibbotaan lakka'amu mana keessa tuultee osoo jirtu du'uuf daqiiqaan muraasni yeroo si hafu waa'een namoota sanaa yaada keetti yoo si dhufe maaltu sitti dhaga'amaa?
7. Nama beekamaa ta'uuf jettee, qarshiidhaan sooressa ta'uuf jettee akkasumas nama kabajamaa ta'uuf jettee bara keetti nama miiteetta yoo ta'e, karaa gabaabaadhaan kabajamuuf jettee nama irratti daba hojjeteetta yoo ta'e, waan qabdu hunda fayyadamtee waan yaaddee galmaan ga'ateetta yoo ta'e, namatti karaa cufteetta

yoo ta'e, nama irratti daba dalagdeetta yoo ta'e, boolla namaaf qoteetta yoo ta'e, abjuu nama baay'ee karaatti hambistatta yoo ta'e, garee kee fayyadamtee nama irratti daba hojjettatta yoo ta'e, du'uudhaaf daqiiqaan muraasni gaafa si hafu, maaltu gara sammuu ketti dhufaa?

Kanaafuu, erga daqiiqaan muraasni si hafuuf ka'ee waan sirreessitu hin qabdu waan ta'eef har'uma jiraachuutti karaa qajeelinaa jiraachuu jalqabi.

Jiraachuutti namoonni jiraatanii darban lakkoofsaan muraasa fakkaatu. Osoo jiraachuutti hin jiraatin warri darban immoo lakkoofsi isaanii danuu akka ta'e nan amana.

*Bara kana booda qabdu hangam akka ta'ee hin beeknu waan taaneef, jiraachuutti jiraachuu jalqabuu nuuf wayya. Namoonni baay'een gaafa*

*namni isaan biraa du'ee gara iddoo awwaalchaa dhaqan baay'ee sodaatu. Gara sammuu isaanittis deebi'u. Anis kana booda of sirreesseen jiraachuu jalqaba jedhanii yaadu. Guyyaa tokko booda gochaa fi amaluma isa duritti deebi'anii of argu. Kuni maaliif? Sababni isaa jiraachuutti jiraachuu caalaa jiraachuuf fiiguutu isaan injifatee jira waan ta'eef.*

*Waan si hir'ate qofa dubbachaa hin jiraatin, wanti siif ta'e baay'een waan jiruuf isumatti jiraataa, boriif immoo karaa qajeelinaa karoorsaa jiraachuutti caalchisii jiraadhu.*

# BOQONNAA-15

# WAGGAA KUDHAN BOODA MAALTAATAA?

**Gaaffiilee Kana Mee Of Haa Gaafannu**

- Amma eessa jirtaa?
- Bakka amma jirtu dhaabbattee waggaa kudhan booda waan ta'uuf hawwitu sitti ni argamaa?
- Yoon maal hojjedhen wantan ta'uu barbaade sana ta'aa?
- Eenyuu wajjin yoon qindoomee fi hojjedheen achi ga'uu danda'aa?
- Dandeettii koo akkamiin yoon itti fayyadamen achi ga'uu danda'aa?
- Rakkina har'a keessa jiru kana akkamitti injifadheen waa'ee waggaa kudhan boodaa yaaduu danda'aa?
- Tarsiimoo akkamii qabaachuun qabaa?

- Namoota wajjin walitti dhufeenya akkamin qabaachuu qabaa achi ga'uudhaaf?
- Raawwiin koo guyyaa guyyaa yoo akkam ta'een achi ga'uu danda'aa?
- Rakkinootni ani hin yaadin yoo na mudatan akkamittan furee darbuu qabaa?
- Jijjiirama ilaalchaa fi geggeessummaa akkamiin yoon ofirratti qabaadhen achi ga'uu danda'aa?
- Kitaabota akkami yoon dubbise galma koo kanaan na ga'uu danda'uu?
- Amaloota koo keessaa warra hin barbaachiifne akkam godheen injifadhee guyyaa gara guyyaatti hir'isuu danda'aa?
- Sochiiwwan fayyaa koo fi soorata koo wajjin wal qabatan yoon maal godhe wayyaa?

- Sadarakaa barnoota koo kan foyyeessuu qabu maalirratti yoo ta'ee galmaa koo kanaan na ga'uu danda'aa?
- Boqonnaa yeroo akkamitti fudhachuun qabaa?
- Yeroo koo akkamin yoon wal duraa duubaan itti fayyadame naaf wayyaa?
- Namoota akkamin gargaaruu qabaa?
- Raawwii hojiikoo fi itti-gaafatamummaa koo natti kenname caalchisee tarsiimoo akkamin raawwachuun qabaa?
- Fayyadamni teekinolojii koo yoo akkam ta'ee naaf wayyaa?
- Mul'ata koo kana bifa kamiin maatii koos yaada guutuun na waliin hiriirsisuu danda'aa?
- Ga'een ani guddina biyya koof ba'uu qabus maal fa'aa ta'uu qabaa?

Kanneen armaan olitti tarreeffaman kun gaaffilee gurguddoo namni tokko galma isaa waggaa kudhan booda ga'uu barbaadu of gaafatu jedheen yaada.

Galmi ni ga'ama malee taa'amee hin eegamu. Galmi manatti siif dhufu hin jiru. Galma kee ga'uuf tooftaa ati guyyaa guyyatti fayyadamtee deemuu qabdu murteessadha.

Namntichi **Biraan Tiraasi** jedhamu wantoota guyyaa guyyaatti hojjechuu qabnuu fi galma kee isa guddaan nu ga'u ilaalchisee tuqaalee murteessoo armaan gadii ka'eera.

Tooftaan namticha kanaas 'ABCDE METHOD' Jedhamee waamama.

1. *"A"- Kan bakka bu'u, "* ***Hojii baay'ee barbaachiisoo"*** *kana jechuun dirqamaan kan ati amma dalaguu qabdu. Hojii yoo ati hin hojjenne ta'e balaa guddaa qaqqabsiisuu danda'u jechuudha.*

2. *"B"- Kan bakka bu'u,* **"Hojii barbaachiisaa"** *ati hojjechuu qabdu jedhama. Inni kun barbaachiisaa dha malee baay'ee barbaachiisaa miti akka kan 'A' jechuudha. Yoo hojii kana hin hojjenne ta'e balaa xiqqoo geggeessisuu ni danda'a garuu balaa isaa kan akka 'A' sana miti.*
3. **"C"***-Kan bakka bu'u,* **"Hojii hojjechuuf gaarii ta'e;"** *hojiin kun akka "A" fi "B" baay'ee barbaachiisaa fi barbaachiisaa miti. Garuu yoo hojjetame, gaariidha jedhama. Yoo hojjetamu baates balaa qaqqabsiisu hin qabu.*
4. **"D"***-Kan bakka bu'u,* **"Hojii nama bakka buusuun dalagamuu danda'u"***, kana jechuun namni biroon bakka si bu'ee hojicha dalaguu ni danda'a jechuudha.*

5. *"E"-Kan bakka bu'u,* ***"Hojii hojjetamuu hin qabne or hafuu qabu"****, hojiin kun waan hin barbaachiifnee hafuu qaba jechuudha. Ammaaf gonkumaa hojii barbaachiisu miti jechuudha.*

Tooftaan namtichi kun armaan olitti tarreesse galma kee waggaa kudhan boodaa sana bira ga'uufis baay'ee si barbaachisa.

Raawwiin kee guyyaa guyyaatti har'a hojjetaa jirtu, jireenya waggaa kudhan booda bira geessuuf baay'ee murteessaadha.

- *Jireenya kee ammaa irraa maal eegdaa waggaa kudhan boodaa waan ta'uu dandeessuuf?*
- *Jireenyi kee ammaa kun waggaa kudhan booda isa amma jiraattu gad taata moo isaa ol taataa? Akkamittis beekuu dandeessaa?*

*Deebiin isaa jecha beekaa namticha PIITER DIRAAKER jedhamuun*

***"Addunyaa gara fuula duraa waan isheen taatu murteessuu yoo hin dandenyellee, addunyaa gara fuula duraa amma irraa eegaltee uumuu ni dandeessa." Jedha.***

***Anis har'a irraa eegaltee waan bor taatu tokko uumuu jalqabuu ni dandeessa jechuun barbaada.***

BOOQONNAA-16

DHAGA'UU FI DHAGA'AMUU!

*"Listen with curiosity. Speak with honesty. Act with integrity. The greatest problem with communication is we don't listen to understand. We listen to reply. When we listen with curiosity, we don't listen with the intent to reply. We listen for what's behind the words." Roy T. Bennett*

Hiikni dubbii armaan olii akkas jedha,

"Gaafa dhageeffatu onnee kee irraa dhaggeeffadhu. Amanamummaadhaan akkasumas garaa guutuun dhaggeeffadhu. Rakkoo guddaan koominikeeshinii/dubbiin waliin geggessuu/ deebii kennuudhaaf dhaggeeffachuu dha. Yeroo danuu deebiin deebisa jennee dhaggeeffanna malee na fayyada jennee hin dhaggeeffannu. Garuu inni sirriin garaa keenyaa irraa na fayyada jennee yoo

dhaggeeffanneedha. Deebii deebisuun qaba jennee dhaggeeffachuu hin qabnu dubbii nama biroo. Ajandaan dubbichaa ni fayyada jennee dhaggeefachuutu caala" jedha barreessaan kun. Maaliif waa dhaggeeffattuu? Deebii kennuudhaaf moo waan isin fayyaduuf dhaggeeffattuu?

Yeroo hundumaa wanti inni/isheen/ dubbatuuf deebii kennuuf dhaggeeffattu taanaan, wanti ta'ee sitti hir'ateera waan ta'eef taa'ii of ilaali. Kana jechuun dubbii nama sanaaf deebiin hin kennamu jechuu miti. Deebii kennuu qofaaf hin qophaa'in. Jalqaba irratti ajandaa dubbichaa hubachuu fi faayidaa isaa xinxaaluu irraa eegali malee.

Dhalli namaa dhaga'uu hin quufu. Dhaga'uun saayinsii cimaadha (The hardest science) jedhama. Deebii kennuu qofaaf dhaggeeffachuu fi dhaga'amuu qofa barbaaduun immoo saayinsii

dadhabinaati. Kan yeroo hundaa dhaga'amuu qabu Waaqayyoon qofaadha. ***Namni jalqaba isaatii hanga dhuma bara isaatti walqixa dhaga'ame hin jiru***. Hin yaadin akkasumas hin yaadda'iin bara kee guutuu hin dhaga'amtuutii. Dhaga'amuun qabas jettee cirtee of hin fixin. Yeroo tokko ni dhaga'amta ta'a, sana booda immoo carraa dhaggeeffachuu baay'ee argatta ta'a. Kanaafuu, dhaga'amuu caalaa dhageeffachuun carraa guddinaa baay'ee of keessaa qaba.

Yeroo hundumaa dhaga'amuu barbaaduun gatii kee xiqqeessa. Mi'a gatii gad aanaa yeroo hundumaa naannoo karaatii yookiin karaarraa hin dhabdu. Mi'a gatii olaanaa qabu bakka murtaa'ee fi dhaabbata murtaa'e qofa biraa argatta. Kanaaf ati mi'a gati-jabeessa ta'uuf, yeroo hunda dhaga'amuu caalaa dhaggeeffachuu filadhu. Akkasumas yeroo hundaa barbaadamuu

hin fedhin, jibbamuunis ni jiraatii. Olaantummaa qofa hin barbaadiin, gad gatamunis ni jiraatii. Kanaafuu, ati dhaga'uu irratti yoo xiyyeeffatte, dhaga'amuunis isuma keessa jiraatii. Dhaga'amuun baay'ee gaariidha. Ni barbaadamas. Garuu dhaggeeffachuun immoo yeroo isaa eegee akka ati barbaadamtu godha.

Deebii deebisuu qofaaf qophaa'uu fi dhaga'amuu qofa yaaduun dhukkuba sammuuti. Dafnee sana keessaa baanee, saayinsii dhaggeeffachuu fi faayidaa saayinsii dhaggeeffachuu keessatti horachuu jalqabuu qabna.

Dhala namatti kan cimu dhaggeeffachuudha. Faayidaa olaanaas kan qabu immoo isuma. Kanaafuu, dhaga'uu dura baay'ee dhaggeeffachuun fiixaan si baasa. Fiixaan ba'aa si taasisa. Jabaadhu ni danda'maati. Kan yeroo

hunda yoo dhaga'amee hin quufamne Waaqayyoon qofa. Inni yoo dubbates, yoo hojjettes, akkasumas yoo callisees wanti hundumtuu isaarraa bareeda. Dhalli namaa hojiin isaas fi barri isaas baay'ee murtooftuudha. Kanaaf bara keenya keessatti yoo danda'ame baay'ee dhaggeeffachuu baruu qabna.

Dhaga'amuun yakka jechaan jira miti. Yeroo isaatti baay'ee barbaachiisaadha. Garuu baay'ee dhaga'amuu yoo barbaadde, baay'ee dhaggeeffachuu bari. Saayinsiin dhaggeeffachuu lafa fagoo si deemsisaatii.

Saayinsii baay'ee cimaan baay'ee dhaggeeffachuu yoo ta'ellee, dhaga'amuuf dursi baay'ee dhaggeeffachuu dha. Jechi gurra lama afaan tokko jedhamu maal jechuu akka ta'ee namoonni baay'een yeroo ibsan,

"Gurra lama afaan tokko jechuun si'a lama dhaggeeffadhu, si'a tokko immoo dubbadhu."

jechuudha jedhu. Amma garuu faallaa fakkaata. Innis ,

“Gurra lama afaan tokko jechuun si’a lama dubbannu si’a tokko dhaga’i kan jedhu fakkaata.”. Kun kan ta’eef, wal dhaggeeffachuun hafee, hundumtuu dubbataa fi komataa ta’eera. Kun immoo wal ceesisuu hin ta’u. Walirra ce’uu yoo ta’e malee.

*Namni beekaan tokko karaan fiixaan ba’insaa namoota biroo wajjin wal dhaga‘uun ittiin jiraatan torba jedhee ibsa.* Namni kunis ***Rooy T. Beenet*** jedhama. Karaan torban kunis:

1. *Yeroo nama waamtu maqaa isaan waami, itti tolaatii.Waanuma argiteen hin waamin*
2. *Nama kamittillee kabaja agarsiisi.*
3. *Dhaga’amuu (baay’ee dubbachuu) caalaa dhaggeeffachuu filadhu.*

4. *Waa'ee kee dubbachuu caalaa waa'ee isaanii dubbadhu.*
5. *Fedhii dhaggeeffachuu qabdu sirriitti amanamummaan itti agarsiisi.*
6. *Kabaja yeroo kennituuf hin fakkeessin. Onnee kee irraa itti agarsiisi.*
7. *Waanuma hundumatti karaa hundumaa namootaaf of eeggadhu.*

Dhaga'amuun dhala namaaf baay'ee barbaachiisadha. Dhaggeeffachuun immoo siifis ta'ee isa kan biraaf baay'ee murteessaadha. Dhaggeeffachuuf qopha'i. Bu'aa dhaggeeffachuun fidu, nama dhaga'amuu barbaaduu qofaaf yoomiyyuu hin galuuf. Baay'ee dhaga'amuuf, baay'ee dhaggeeffachuun jalqabi!

***Rabbi Bara Kee Saayinsii Dhageeffachuu Horachuun Si Haa Eebbisu!!***

# BOQONNAA-17

## HUNDAGAMMACHIIS TA'UU HIN YAALIN!

**"I can't tell you the key to success, but the key to failure is trying to please everyone."**

*Jecha baay'ee cimaadha. Karaan kufaatii hundagammachiis jedhama. Nama gammachiisuun yakka miti. Hundagammachiis ta'uun garuu karaatti si hambisa.*

*Jehi hundagammachiis jedhamu jechoota lamarraa dhufe. Isaaniis:*

*Hundaa fi Gammachiisuu jechoota jedhurraa kan dhufe ta'ee, walitti gaafa fidnu Hundagammachiis jedhama.*

Nama gammachiisuun amala dhala namaati. Namaaf yaaduun, namaaf gaarii ooluun akkasumas yaada namaa wanta gammachiisuu hojjechuun waanuma jiruudha. Garuu nama

hunda gammachiisuuf yaaluun hiika malee si hambisa. Osoo galma hin ga'in si hambisa. Ija malees si hambisuu danda'a.

Hundagammachiis jechuun maqaa namtciha nama hundumaa gammachiisuuf halkanii guyyaa dhama'uuti. Waan danda'amu itti fakkaachuu danda'a. Garuu nama hunda gammachiisuun rakkoo furmaata hin arganne jechuudha.

Amaloota namoota hunda gammachiisuu yaalanii keessaa muraasni:

- Tolee malee hin ta'u jechuu hin danda'u.
- Waan hunda akka waan danda'aniitti tole jedhu.
- Tasgabbii hin qabu.
- Kaartaa jireenyaa kan ofii isaanii hin qaban.
- Hunda gammachiisuuf jecha waan hojii naamusaa fi gaarummaa hin qabne baay'ee keessa seenu.

- Osoo ofii hin argin du'u.
- Boqonnaa sammuu hin qaban
- Ajandaa ofii isaanii qopheeffataniin jireenya isaanii hin geggeessan.
- Dhuma bara isaanitti jireenya gabbii osoo jiraatanii du'u.

Kanaafuu, hundagammachiis hin ta'in. Waan hundaatti of hin kennin, waan hundaafis hin jilbeeffatin, waan hundaattis hin gammadin.

Waa'ee kee deddeebisitii of gaafadhu. Deebii namootaaf deebisuuf of qopheessuu caalaa, gaaffiilee sammuu keef deebii ga'aa qopheessi. Bara keetti maalan hojjedhee darba jedhi malee namoota meeqan gammachiisee darba hin jedhin.

Maal hojjetaa jirtaa? Hundagammachiis jedhamtamoo kaayyoo kee galmaan ga'aa jirtaa? Har'a osoo guyyaan kun hin dhumin, deebii kana deebisi.

Namtichi Toom Raaz kitaaba isaa 'Life Greatest Question' jedhu keessatti of beekanii jiraachuun gaariidha jedhee dubbata. Garuu of qofa osoo jettuu dhaloota akka hin dagatne jedha. Namootafis jiraadhu jedha. Garuu immoo namoota gammachiisuu qofaaf hin jiraatin yaada jedhunis sirriitti ibsee dubbata.

Namoota gargaaruu fi hundagammachiis ta'uu tokko miti.

Jecha namticha baay'ee jaallatamaa mee sirriitti hubadhaa ilaalaa. Namni kun Beenjaamin Firaankiliin jedhama. Waa'ee kaayyoo fi jireenya guyyaa guyyaa akkas jechuun dubbateera.

***"IN THE MORNING, BENJAMIN FRAKLIN ASKED HIMSELF, WHAT GOOD WILL I DO TODAY? WHEN HE WENT TO BED, HE ASKED HIMSELF, WHAT GOOD DID I DO TODAY?"***

Hiikni isaas, namtichi kun ganama gaafa hirriba irraa dammaqu, ***Har'a waan gaarii maalan hojjedhee oolaa jedhee of gaafata? Galgala immoo gaafa gara siree isaa deemu, Har'a waan gaarii maalan hojjedhee oole jedhee of gaafata.***

Ani fi atihoo? Har'a namoota hunda gammachiisuuf jedheen oliif gadi kaataa oole moo waan gaarii kaayyoo fi mul'ata qabu maalan hojjedhe jennee of gaafachaa jirraa?

*Adaraa gaaffii namtichi kun of gaafatee jireenya isaa fiixaan baasee kana, anii fi atis jireenya keenya madaallee haa ilaalu.*

***Gonkuma hundagammachiis hin ta'in!***

***Kaayyogammachiis (Nama kaayyoo isaa gammachiisu) ta'i malee!!***

# BOQONNAA 18

## MAALIIF MAALIIF MAALIIFIIN GAAFATEE?

Maaliif osoo maaliifiin gaafatuu maaliifii kan biroon uumame. Gaaffii deebii hin qabne baay'eetu jira. Boris ittuma fufa. Maaliif maaliifii dhuma hin qabne oomishaa oola. Maaliifii dhaabuudhaaf jennee maaliifii kan biroo baay'isaa oolla.

Gaaffilee murteessoo jedhaman keessaa inni guddaan gaaffii Maaliif jedhamuudha. Maaliif jechuun maaliifii kan biroo uumaa deema malee dhaabbachuu hin danda'u.

Jireenyi dhala namaa gaaffii maaliif jedhu irraa adda ba'ee hin beeku. Boris irraa adda ba'uu hin danda'u. Maaliifiin ati bara mucummaa kee gaafatte osoo deebii quubsaa hin argatin, maaliifiin bara dargaggummaa kee itti fufa. Osoo isa bara dargaggummaa kee hin deebisin, inni kan bara jaarsummaa kees itti fufa. Maaliifii

dhaabuun qaba osoo jettuu maaliifii kan biroo uumta. Maaliif gaaffii jedhu jireenya kee keessaa dhaabuuf, maaliif gaaffiin maaliif jedhu dabalataan uumamaa? Anaas naaf galuu dideem. Maaliifan akkas ta'ee yoo jette, maaliif akkas hin taanee kan jedhu immoo itti aanee dhufuu danda'a. Maaliif jechi jedhu jireenya kee keessaa deebii guddaa kan barbaaduudha.

Beektonni baaỳ'een akka qoratanitti, maaliif gaaffii jedhu hanga torbaatti yoo gaafatte deebii sirrii ni argatta ta'a jedhu. Ani immoo yaada kanaa wajjiin waliif hin galu. Sababni isaas maaliifii hanga torbaatti waan gaafatameef, deebii bu'uura arganna jechuu miti.

Jireenyi dhala namaa gaaffiin kan guute yoo ta'ellee, sammuun dhala namaa immoo akkasumas deebiidhaan kan guuteedha.

Gaaffiin deebii hin qabne baay'een akkuma jiru, gaaffiileen deebii qabanis ni jiru. Dhalli namaa deebii lachuuf qopha'aa ta'uu qaba.

Dhalli namaa gaafuma gaaffii gaafachuu dhaabe, du'uu jalqaba jedha beekaan tokko. Gaaffii gaafachuun amala dhala namaati.

*Gaaffii ati nama gaafattee deebii dhabde caalaa gaaffii ati ofgaafattee deebii dhabdetu caala.* Sammuu keenya keessaa gaaffilee baay'ee qabna kan namoonni nuuf hin beekne.

Gaaffilee namoonni nuuf hin argine baay'ee baannee deemna. Kan dhagaa caalaa sammuu keenyatti ulfaatan. Innis ganamaa fi galgala gaaffii maaliif jedhuun kan guuteedha. Maaliifii kumaatama baay'ee baannee deemna. Maaliifii mana yaalaa dhaqnee qoricha argachuu hin dandeenye baay'ee qabna. Maaliifii hiriyyoonni keenya nuuf furuu hin dandeenye dhiibbotaan baannee deemna. Maaliifii sadarkaa barnoota

kam bira geenyullee nuuf deebi'uu hin dandeenye baay'ee qabna.

Maaliifii osoo kafana bareedaa uffannee deemnuu, keessa keenyatti qullaa ta'uu nutti dhageessisu baay'ee qabna. Maaliifii maatiin keenya nuuf hin beekne baay'ee qabna. Maaliifii bara moofaadhaa gara bara haaraatti nu waliin ce'e baay'ee qabna.

Maaliifii keenyaaf deebii osoo barbaadnuu, maaliifii yaadnee hin beekne baay'ee keessa seenaa oolla.

Gaaffilee Maaliifiin Guutaan?

1. Maaliif kaleessaan koo akkas turee?
2. Maaliif namoonni baay'een osoo ani waan gaarii isaaniif yaaduu narratti wanta hamaa yaaduu?
3. Maaliif maatiin koo kaayyoo koo hin hubatanii?

4. Maaliif dadhabbiin hojii koo osoo oliifi gad fiiguu akkas dhokatee?
5. Maaliif akka namoota kan biroo naaf darbuu didee?
6. Maaliif wanti ani karoorsee hafee wanti ani hin karoorsine baay'een jireenya koo irratti ta'ee?
7. Maaliif haalli fayyaa koo akkas ta'ee?
8. Maaliif tasgabbiin jireenya koo keessaa dhabamee, ganamaa fi galgala yaaddoon na injifatee?
9. Maaliif barri hundumtuu anaaf yaaddoo jireenyaa ta'ee?
10. Maaliifiin jireenya injifachuu dadhabee?
11. Maaliif barnoonni gatii dhabee?
12. Maaliif wantoonni ani sammuu koo keessaa namootatti hin dubatannee baay'een deebii dhabanii?

Maaliif maaliifiin koo maaliifii ta'ee itti fufee? Har'a itti yaadi. Maaliifiin deebii baay'ee argachuus akkasumas dhabuus ni danda'a. Garuu hundumaa madaalliidhaan ilaalii gaafadhu. Madaalliidhaan deebisi. Maalifiin hin dhaabbatu waan ta'eef ati immoo dhaabbadhu ilaali.

Namoonni baay'een kan maraataniif maaliifii dhuma hin qabnetti dhuma gochuuf osoo jedhanii, sammuun isaan darba.

Maaliifii dhaabbatee hin yaaddu taanaan sammuu si dabarsuu ni danda'a.

***Maraatummaan maraatummaa caalu isa osoo namni siif hin beekin maraattuufi isa erga ati fayyitee namoonni immoo maraatummaa kee dhaga'aniidha!***


Maaliifiin Maaliif baay'ee waan fiduuf, osoo hin yaadda'in deebii tasgabbiin guute qofa kennif. Jireenyi gaaffii maaliif jedhu irraa fagaachuu hin

danda'u waan ta'eef. Deebii tasgabbii maaliifii guyyaa guyyaatti sitti dhufu, bifa si hin jeeqne qofaan keessummeessi!

Horaa Bulaa!

**Kitaaboleen Kanaan Dura Maxxanfaman:**


1. *Garbummaa Birmadummaa Fakkaattu*
2. *Iccitii Geggeessummaa*
3. *Kallattii Geggeessummaa*
4. *Siif Galeeraa?*
5. *የመሪ ማንነት እና ምንነት (ከጥቂቶቹ እንደ አንዱ መሆን)*
6. *Abdii Akka Hin Kutanne Abdii Kutadhu*


Garbummaa
Birmadummaa
Fakkaattu
Maxxansa 4ffaa
Miratuu Shaanqoo
Fulbaana, 2013
Finfinnee Oromiyaa


## Iccitii


# GEGGEESSUMMAA

Geggeessummaan imaanaadha. Imaanaa hin nyaatin.
Imaanaa nyaachuun imimmaan nyaachuudha.



Mirafuu Shaanqoo Giddii (M.A)



KALLATTII GEGGEESSUMMAA
Miratuu Shaanqoo Giddii
KALLATTII
GEGGEESSUMMAA
MAXXANSA
4ffaa
Qajeelfamoota Geggeessummaa 12'n
Miratuu Shaanqoo Giddii


Miratuu Shaanqoo Giddii
SIIF GALEERAA?
Of
Beekuun
Foormulaa Hin Qabu!
SIIF
GALEERAA?
MAXXANSA
2ffaa
Miratuu Shaanqoo Giddii

# የመሪ ማንነት እና ምንነት

## ከጥቂቶች አንደ አንዱ መሆን

ሦስተኛ ዕትም



በቂ በሆነች ሀገር ውስጥ ብቁ ባልሆነ
አዕምሮ መኖር ኪሳራ ነው

ምህረቱ ሻንቆ ግዲ

ከጥቂቶች አንደ አንዱ መሆን ምህረቱ ሻንቆ ግዲ

ዋጋ 200 ብር
Price 30 $



## Yaad-rimeen Kitaabichaa:

- Yoom Duutaa? Dafii Du'i!
- Ofiikee Wajjin Walitti Araarami!
- Ofiikee Hin Dagatin!
- Boriif Jedhee!
- Kabaja Kiraayii
- Gatii Kee fi Abjuu Kee
- Abdii Akka Hin Kutanne Abdii Kutadhu
- Itti-gaafatamummaa fi Ittii-fagaatamummaa
- Adaraa Nama Tokkottillee Hin Dubbatin!
- Dhugaa Kee fi Dhugaa Koo
- Maaliif Baddee? Wanti Haaraan Maaltu Jiraa?
- Addunyaa Abbaa Hin Qabne
- Ulaagaa Ulaagaa Malee Ba'e
- Jiraachuutti Maaliif Hin Jiraannuu?
- Waggaa Kudhan Booda Maal Taataa?
- Dhaga'uu fi Dhaga'amuu
- Hundagammachiis Ta'uu Hin Yaalin!
- Maaliif Maaliif Maaliifiin Gaafatee?

Maraatummaan maraatummaa caalu; isa osoo namni siif hin beekin maraattuufi isa erga ati fayyitee namoonni immoo waa'ee maraatummaa kee dhaga'aniidha!

Nech Sar printing Prass 0911 719720

Gatii 100 ETB.